# الْتَّوْحِيدُ الْمُيَسَّرُ

(باللغة الأورومية)

# KITAABA TAWHIIDAA

## Haala Salphaan Qophaaye


تأليف: عبدالله بن أحمد الحويل

Qopheessaan: Abdullah Ibn Ahmad Alhuwayl

ترجمة : الداعية عبد المنان منزا

والأستاذ عبـد الرزاق منزا

مراجعة: الداعية عبد المنان منزا

Hiikkaan: 1. Ustaaz Abdurrazzaak Manzaa
2. Daa'iya Abdulmannaan Manzaa



Maxxansiisaa fi Raabsaan:

**Waaldaya Da'awaa fi Qajeelcha Ma'azariif Ummulhamaam**

Mirgi Maxxansaa fi Raabsaa Hiikkaa Afaan Oromoo

**Waajjira Da'awaa fi Qajeelchaa Naannoo Ma'azariif Ummul-Hamaam Seeraan Eegamaa dha.**

**Maxxansaan Jalqabaa Bitootessa 2017**
Riyaad, Su'uud Arabiyaa
Lakk.S.P: 31021 Riyadh 11497
Tel: 4884496 Fax: 4827489

*Yaadaf ykn kitaabicha yoo barbaaddan:*

**+966538769724 (+251910381073)**
Email: info@yaqeenweb.com
abdulmenanh@hotmail.com
arezak33@gmail.com

حقوق الطبع محفوظة
لمكتب التعاوني للدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالمعذر وأم الحمام

الطبعة الأولى جمادى الآخر ١٤٣٨ هـ
الرياض: ١١٤٩٧ ص.ب: ٣١٠٢١
هاتف: ٤٨٨٤٤٩٦ فاكس: ٤٨٢٧٤٨٩
المملكة العربية السعودية
ولطلب الكميات والتوزيع الخيري: ٠٥٣٨٧٦٩٧٢٤

# BAAFATA

Mata-Duree Fuula

Dursa ........ 1
Maalummaa Tawhiidaa ........ 3
Qoqqoodama Tawhiidaa ........ 4
Faayidaawwan Barbaachisoo tahan ........ 6
Barbaachisummaa fi Sadarkaa Tawhiidaa ........ 8
Laa ilaaha illaAllaah ........ 14
Ulaagaa Laa ilaaha illallaah........ 17
Muhammad ﷺ Ergamaa tahuu Ragaa bahuu........ 22
Shirkii; Hiikkaa isaa fi Qoqqoodama isaa........ 24
Gosoota Shirkii Guddaa........ 26
Fakkeenyota shirkii gurguddaa fi xixiqqaa........ 28
Seenaa Shirkii........ 30
Badii fi Adabbii Shirkiin Fidu........ 32
Wantoota Islaamummaa Diigan........ 35
Xaaguutatti Kafaruu........ 39
Hundeewwan Sadan........ 41
Kufrii........ 44
Annifaaq (Munaafiqummaa)........ 48
Al-Walaa'i Wal-Baraa'i........ 50
Qoqqoodama Namootaa Al-Walaa'aa fi Al-Baraa'aa........ 53
Al-Islaam........ 54
Utubaalee Islaamaa........ 55
Al-Iimaan........ 58
Utubaa Iimaanaa........ 59
Al-Ihsaan........ 63
Walitti Dhufeenyaa Islaamaa, Iimaanaa fi Ihsaanaa........ 65
Ibaadaa........ 66
Tawhiida Ibaadaa Keessatti Utubaa Baay'ee Barbaachisaa........ 69
Akaakuwwan Jaalalaa........ 71
Sodaa........ 73

Mata-Duree | Fuula

Kajeellaa……… ..........................................................76
Tawakkula……………………………………………………78
Kadhaa………… ......................................................80
Ruqyaa …………… ......................... ……………………82
Tamaa’ima………… ......................... ………………….....84
Tabarruka…………… .......................... …………………86
Sababaan wal-qabatee Hundeelee Yaachisoo tahan… ............ .90
Tawassula…………….............................. ……………….....91
Rabbiif Malee Qaluu………… ........................... …………93
Rabbiif Malee Qodhaa (Nazrii) Godhuu……………………..…96
Isti’aanaa, Istigaasaa fi Isti’aazaa ................................... …...98
Shafaa’aa…………………………………….. …….. ……100
Qabrii Ziyaaruu .................................................... …...103
Falfala…………………………… ..............….…………105
Raagaa fi Beekaa ................................................... …...108
Faana Laalachuu ................................................. ….......111
Tanjiima/ beekkuma Urjii laaluu……… ...........……………115
Urjiidhaan Rooba barbaaduu…………………………………117
Na Argii………………………………………………………120
Yoo Dalagatti (Ibaadatti) Na Argiin Makame.................. …123
Dalagaa Ibaadatti Faayidaa Duniyaa Barbaaduu…............... .127
Allaahiin Malee Kakachuu........................................ …...129
Rabbii fi waan biroo “Fi” n Wal-Qabsiisuu… ................. ….132
Jecha “Osoo”……………………………… ............... …….134
Zamana (Waqtii) Arrabsuu……………………………….... …136
Hundeelee Lamaan Jecha Keessatti Eeggachuu Qabnu…...... 138
Bid’aa…………………………………………………….... 139
Gara Tawhidaatti Yaamuu…………………………………… 146
Kitaabota Tawhiidaa fi Aqiidaa irratti Barreeffaman…..149
Xumura……………………… ......................………………152

بسم الله الرحمن الرحيم

**Dursa:**

Galanni Kan Rabbii Aalamaati, nagayaa fi Salaanni xumura Anbiyootaa fi Ergamaa nabiyyii keenya Muhammadii fi warra isaanii hundarratti haa jiraatu, Eeganaa;

Kuni kitaaba qabxiilee yaachisaa fi heddu barbaachisaa ta'an akkasuma faayidaa guddaa qaban kan isaan malee dalagaan gabricha tokkoo fudhatama hin qabnee fi isa dhugoomsu malee Rabbiin gabricharraa kan hin jaalanne kan taye waayee Tawhiidaati.

Dhugumatti anis kitaaba kana keessatti Qabxiilee Faayidaa qaban hundeelee fi qoqqoodama isaa wajjiin akka nama dubbisu kamuufuu haala salphaan dubbisee hubatuu fi sammuu keessatti beekumsa diin Islaamaa tartiiban qabatuuf mijeessuuf yaalii guddaa taasisee jira.

Akkuma beekamu wanti tokko maalummaa isaati fi faallaa isaa ifa baasan malee waanin isaa waan hin beekamneef anis maalummaa "Tawhiidaa" hundeelee fi qoqqoodama isaa, itti aansunis "Faallaa Tawhiidaa" sunis "Shirkii" isas maalummaa isaatii fi akaakuulee fi murtii ibseetiin jira.

Bareedumsii fi sadarkaan Tawhiidaa ammo fokkinnaa fi balaa shirkii beekan malee hin mul'atu. Kitaaba gabaabaa kana keessatti mata-dureewwan biroos kan namni tokkoo irraa hin duroomne walitti qabee jira.

Dhugumatti tartiiban kaayuu fi qoqqoodinsaa isaa keessatti baay'ee itti yaaddayee jira, akkasuma ragaa jiru wajjii gabaabsee haala salphaan akka hubatamuu fi qomattis qabatamu godhee qopheessee jira.

Akkasuma dheerina nama hifachiisuu fi gabaabaa gaafii nama keessatti kaasu irraa fagaadhee jira, ergaa kanas jiddu gala godhee jira yoo qajeelaa taye Rabbuma tokkicharraayi, yoon dogongore ammoo lubbuu tiyyaa fi sheeyxaanarraayi.

Barumsa kanniinis kitaabota ulamaa'ota gurguddoo bebbeekamoo irraa walitti qabuun 'Attawhiidul Muyassar' ("Kitaaba Tawhiidaa haala salphaan qophaaye'') jedhee moggaase, Rabbiin ittiin haa fayyaduu kadhachaa guyyaa wal-geettii isaa miizaana toltuu gubbaa naaf haa godhu.

Abdallaah bin Ahmad Al-huwayl

# Maalummaa Tawhiidaa

Tawhiida jechuun akka lugaa Afaan arabiitti jecha ‘wahhada’ jedhamu irraa fudhatame. Wahhadaa jechuun tokkochoomse ykn tokko taasise jechuu dha.

*Fakkeenyaaf:*

‘Muhammadiin malee mana kana keessaa namni tokkos akka hin baane yoo jedhe, Mohammadiin manaa bahuu isaatin tokkochoomse jechuu dha.

‘Khaalidiin malee namni tokko bakka kanaa akka hin kaane yoo jette kaalidiin qofa akka ka’u adda baaste jechuu dha.

Kanaafuu Tawhiida jechuun Rabbiin qofa ibaadaa (gabbartii) isaatin tokkochoomsuu adda godhuu jechuu dha.

Hiikkaan Tawhiidaa akka Shari’aatitti ammoo Allaahii ol-tahe Rabbummaan, uluuhiyyummaan fi akkasuma Maqoota fi haala isaatin adda baasuu jechuu dha.

## Qoqqoodama Tawhiidaa

Tawhiidni bakka gurguddaa sadihitti qoodama.

1. ***Tawhiida Rubuubiyyaa* (Gooftummaa)**:

Bifni tawhiidaa kun Allaahii ol-tahe uumaa tahuu fi mootii tahuu isaatin adda baasuu dha. Kunis dalagaawwan isaatin adda baasuu kan uume, kan nyaachisu, kan obaasu, kan jiraachisu kan ajjeesu, kan roobsu, k.k.f jedhanii amanuu dha.

Ragaan isaa Jechoota Rabbii ol-taheeti:

﴿أَلَا لَهُ الْخَلْقُ وَالْأَمْرُ﴾ سورة الأعراف ٥٤

"Dhagayaa! Uumuunii fi ajajnis kan isaati (Allaahiiti)" Suuratul A'araaf 54

﴿وَلِلَّهِ مُلْكُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ ۗ وَاللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ﴾ سورة آل عمران ١٨٩

*"Mootummaan Samii fi Dachii Kan Rabbiiti. Rabbiinis waan hunda irratti danda'aa dha"* Suuratu Aali Imraan 189

2. ***Tawhiida Uluuhiyyaa* (Gabbarummaa)**: Kana jechuun ammo dalagaa gabroota isaatiin (ibaadaatiin) adda baasuu dha. Fakkeenyaaf; Kan akka Salaataa, Soomanaa, Hajjii, Irkannaa, Sodaa, Kajeellaa fi Kan kana fakkaatan.

﴿ وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالأِنْسَ إِلاَّ لِيَعْبُدُونِ﴾ سورة الذاريات ٥٦

*"Jinnii fi Ilma namaa akka ana qofa gabbaraniif malee hin uumne"* Suuratu Zzaariyaat 56

﴿وَاعْبُدُواْ اللّهَ وَلاَ تُشْرِكُواْ بِهِ شَيْئًا﴾ سورة النساء ٣٦

*"Allaahinis gabbaraa; Isattis homaa hin qindeessinaa."* Suuratu An-Nisaa'i 36

﴿وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ مِنْ رَسُولٍ إِلَّا نُوحِي إِلَيْهِ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا أَنَا فَاعْبُدُونِ﴾ سورة الأنبياء ٢٥

*"(Yaa Muhammad ﷺ ) Si duras ergamaa kamiiniyyuu 'ana malee Rabbi hin jiru; kanaafuu anuma qofa gabbaraa', ergaa jedhu (wahyii) otoo itti hin dabarsin hin ergine"* Suuratul-Anbiyaa 25

3. ***Tawhiida Asmaa' wassifaat***: Kun ammoo Rabbiin سُبْحَانَهُ وَتَعَالَى Waan inni ofiin of ibse qofaan ibsuudha. (osoo hin fakkeessin, osoo hin balleessin, osoo irraa hin hir'isinii fi osoo irraa hin dhabamsiisin)

﴿ لَيْسَ كَمِثْلِهِ شَيْءٌ وَهُوَ السَّمِيعُ الْبَصِيرُ﴾ سورة الشورى ١١

*"Fakkaataan Isaa (Allaah) hin jiru. Inni dhaga'aa dha, Argaa dha."* Suuraa Ash-Shuuraa 11

❋ ۞ ❋

## Faayidaawwan Barbaachisoo tahan

1ffaa: Qoqqoodamni Tawhiidaa kunniin hunduu walqabataa dha. Tokko tokkorraa adda bahuu hin danda'u. Kaanniin dhiisee qooda tokko qofa namni qabu, tawhiida qaba jechuun hin danda'amu.

2ffaa: Warreen Rabbitti hin amanne (kuffaarri) tawhiida bifa tokkoof tawhiida rubuubiyyaa itti amanaa turan ykn ni qaban. Rabbitu nu jiraachisa, nu ajjeesa, kan nu fayyadu, kan nu miidhu, kan waan hundaa olii gadi garagalchu isa qofa jechaa turan. Kana jechuun isaanii Islaama keessa isaan hin seensisne Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿قُلْ مَن يَرْزُقُكُم مِّنَ السَّمَاءِ وَالْأَرْضِ أَمَّن يَمْلِكُ السَّمْعَ وَالْأَبْصَارَ وَمَن يُخْرِجُ الْحَيَّ مِنَ الْمَيِّتِ وَيُخْرِجُ الْمَيِّتَ مِنَ الْحَيِّ وَمَن يُدَبِّرُ الْأَمْرَ ۚ فَسَيَقُولُونَ اللَّهُ ۚ فَقُلْ أَفَلَا تَتَّقُونَ﴾ يونس ٣١

*"Eenyutu samii fi dachii irraa isin soora? Yookin dhageettii fi argaa eenyutu dhuunfata? Ammas eenyutu jiraataa du'aa irraa, du'aas jiraataa irraa baasa? Eenyutu waan hunda gara galchaas?" jedhi. 'Rabbuma' jechuuf jiru. 'Sila Rabbiin hin sodaattanii?' jedhiin"* Suuraa Yuunus 31

3ffaan: Tawhidni Uluuhiyyaa Mata-duree Ergamtootaa fi Nabiyyoonni hunduu itti waamaa turanii dha. Hundee ibaadaan Marti irratti ijaaramtu waan tayeef. Yoo tawhidni Kun hin jiraatin Ibaadan cuftuu sirrii hin taatu. Yoo inni hin dhugoomfamin faallaan isaa shirkiitu argama, Ergamtoota fi ummatoota isaanii jidduu wal-dhabbiin tures tawhiidaa kana ture kanaafuu itti yaaddayuu fi hundee isaatii fi qabxiilee isaa hubachuun dirqama taya.

## Barbaachisummaa fi Sadarkaa Tawhiidaa

1. **Tawhidni hundee guddaa Islaamaati,** lafee dugonguruuti. Namni tokko tawhiida malee Muslima tahuu hin danda'u. qoodni sadanuu kan waliin deemanii dha, tokko tokkorraa bahuu hin danda'

Rasuulli ﷺ Hadiisa keessatti akkana jedhan:

((بنى الاسلام على خمس: شهادة أن لا إله إلا الله وأن محمد رسول الله وإقام الصلاة وإيتاء الذكاة وصوم رمضان وحج البيت)) [متفق عليه]

***Islaamni waa Shan irratti ijaarame***

- Rabbiin malee kan haqaan Gabbaramu hin jiru jedhanii ragaa bahuu
- Salaata dhaabuu (salaatuu)
- Zakaa kennuu
- Ji'a Ramadaanaa soomuu
- Mana Rabbii Haajjuu (Bukhaari fi Muslimtu gabaase)

2. **Tawhiidni irra barbaachisaa fi dirqama guddaa dha.** Iddoo fi barbaachisummaa guddaa qabaatuu isaatiif Tawhiidni dalagaa hundarraa durfama. Ibaadan hunduu isa malee fayyaa hin tahu.

Waan hundaa dura waan itti yaamamuu qabu. Rasuulli ﷺ Mu'aazin ؓ gara Yaman yemmuu ergan akkana jedhaniin:

((إنك تأتى قوما من أهل الكتاب, فليكن أول ما تدعوهم إليه شهادة ان لا إله الله)) وفى رواية: ((إلى أن يوحد الله)) متفق عليه

'*Ati Ummata Warra kitaabaa kiristaana (Nasaaratti) dhufta, wanti duursitee itti waamtu Shahaadaa (Rabbiin Malee kan haqaan gabbaramu hin jiru) ka jedhu haa tahu'.* (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase)

**3. Ibaadan hunduu tawhiida malee qeebaltii hin argatu.**

Kun ulaagaa gabbartiin yookin Ibaadaan toluuti. Kan isaan malee nagaha bahuu hin dandeenye. Akkuma salaatni xahaaraa malee fayyaa tahuu hin dandeenye ibaadaanis tawhiida malee fayyaa hin tahu. Yoo shirkiin keessa seene Ibaadan ni baddi, akkuma najisni xahaaraa keessa seenu, Ibaadan tawhiida malee shirkii dalagaa namaa nama jalaa balleessu taati, ergasii abbicha zalaalamii warra ibiddaa taasisa.

## 4. Tawhiidni Duniyaa fi Aakirattis Sababa Nageenyaa fi Qajeellumaati

Rabbiin Qur'aana isaa keessatti Shirkii Zulmii yookin Badii jechuun Moggaase.

﴿الَّذِينَ آمَنُواْ وَلَمْ يَلْبِسُواْ إِيمَانَهُم بِظُلْمٍ أُوْلَـئِكَ لَهُمُ الأَمْنُ وَهُم مُّهْتَدُونَ﴾

(الأنعام: ٨٢)

"Isaannan (Rabbii tokkichatti) amananii ergasii iimaana isaanii miidhun (shirkiin) hin haguugne (hin balleessine), jara saniif nagayatu jiraaf ammas jarri warri qajeelfame irraayi"

Ibn Kasiir (Rahimahullaah) akkana jedhan:

"*Warri shirkii malee ibaadaa isaaf (Rabbiif) qulqulleessan isaan warra nageenni isaanii addunyaa fi Aakiraattis eeggame, warra duniyaa fi Aakhirattis qajeelfaman" jedhu.*

Namni tawhiida guutun dhufe, isaaf nagayaa fi qajeeelluma guutuutu jiraaf, Jannatas qixaaxamuu maletti seena.

Shirkiin dukkana dukkana caalu tawhiidni ifa ifnana caalu. Namni tawhiida qabu tasgabbii fi qajeelluma qaba. Mindaan isaa akkasuma jannata ta'a jechuu dha.

## 5. Tawhiidni sababaa seensa jannataa fi Azaabarraa nagaha bahuu namaa ta'a.

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((مَنْ شَهِدَ أَنْ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ, وَأَنَّ مُحَمَّدًا عَبْدُهُ وَرَسُولُهُ, وَأَنَّ عِيسَى عَبْدُ اللَّهِ وَكَلِمَتُهُ أَلْقَاهَا إِلَى مَرْيَمَ وَرَوْحٌ مِنْهُ, وَأَنَّ الْجَنَّةَ حَقٌّ, وَأَنَّ النَّارَ حَقٌّ أَدْخَلَهُ اللَّهُ الْجَنَّةَ عَلَى مَا كَانَ مِنْ عَمِلٍ)) (متفق عليه)

*"Namni Rabbiin Malee (kan gabbaramu) hin jiru jechuu ragaa bahe Muhammad ergamaa fi Gabricha isaa tahuu,Iisaanis Gabricha Allaahi fi ergamaa tahuu fi Jecha inni garaa maryamitti darbe tahuu, Ruhii isaatirraayi, Jannatni haqa akkasuma Azaabnis haqa tahuu namni ragaa bahe dalagaa fedherra jiraatus jannata seena"*

Ammas Hadiisa biroo keessattis akkana jedhan:

(فإِنَّ اللَّهَ قَدْ حَرَّمَ عَلَى النَّارِ مَنْ قَالَ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ يَبْتَغِي بِذَلِكَ وَجْهَ اللَّهِ)

(متفق عليه)

*(Rabbiin Nama 'Laa Ilaaha Illallaah' jedhe, kan kanaan fuula Rabbii kajeelu ibidda irratti haraama godheera.)* (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase)

6. **Tawhiidni Cinqii Addunyaa fi Aakiraa jalaa bahuufis nu gargaara.**

Ibnul Qayyim (Rahimahullaah) akkana jedhu:
*'Tawhiidni jaalallee fi diina isaatis sodhaachisa (dinniina). Diina isaa cinqii addunyaa jalaa baasun mala. Jaalallee isaa ammo cinqii addunyaa fi aakiraa jalaayis baasa.'*

A. Warra Rabbiin dide Rabbiin duniyaa keessatti rakkoo keessa jiranirraa isaan baasa;

﴿فَإِذَا رَكِبُوا فِي الْفُلْكِ دَعَوُا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ فَلَمَّا نَجَّاهُمْ إِلَى الْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ﴾ (سورة العنكبوت ٦٥)

*"Yeroo doonii yaabbatan, amantii isaaf qulqulleessuun Allaah (qofa) kadhatu. Yeroo inni gara dachiitti nagaya isaan baase immoo yeroma san (Rabbitti) qindeessu"* Suuraa Ankabuut 65

B. Warra Rabbiin tole jedhe Jalalloota isaa Rabbiin cinqii duniyaa fi Aakhiraatirraayis nagaya isaan baasa, kuni ammo haalaa Rabbiiti, kadhaan isaanii hundi tawhiidaani. Namni cinqii guddaa keessa bu'a warra yagutoomsu, warra tawhiidaa malee warri ganda lachuttuu nagaya bayu hin jiru.

## 7. Tawhidni Kaayyoo Guddaa Rabbiin Ilma Namaa fi Jinniis uumefii dha.

Rabbiin Qur'aana keessatti suuratu-Zzaariyaat aayata 56 gubbatti akkana jedha:

﴿ وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّ وَالأِنْسَ إِلاَّ لِيَعْبُدُونِ﴾ (الذاريات ٥٦)

"Jinnii fi Ilma namaa akka ana qofa gabbaraniif malee hin uumne"

Na haa gabbaran jechuun "na haa tokkochoomsan" jechuu dha.

Kitaabni wanti bu'eef, ergamtoonni hundinuu wanti ergamaniif, seeraa fi heerri islaamaa (Shari'aan) wanti tumameef, ilmi namaatif jinnis wanti uumameef, Rabbiin haa tokkochoomsaniifi. Karaa biraatin Tawhiidaaf jechuu dha.

## Laa ilaaha illaAllaah

Rabbiin Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿شَهِدَ اللَّهُ أَنَّهُ لَا إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ وَالْمَلَائِكَةُ وَأُولُو الْعِلْمِ قَائِمًا بِالْقِسْطِ ۚ لَا إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ﴾ (آل عمران ١٨)

*"Rabbiin haqaan dhaabbataa ta'e akka isa malee dhugaan gabbaramaan hin jirre ragaa ba'e, malaa'ikoonni fi warri beekumsa qabanis (ragaa ba'aniiru). Isa hunda injifataa, ogeessa malee haqaan gabbaramaan hin jiru.*" (Aali- Imraan 18)

Ammas Rabbiin akkana jedha:

﴿فَاعْلَمْ أَنَّهُ لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللَّهُ﴾ محمد ١٩

"Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan biraa akka hin jirre beeki;" Suuraa Muhammad 19

**Hiikkaan isii:** Gabbaramaan haqaa Allaahin malee hin jiru.

**Hiikkaawwan dogongoraa:** gabbaramaan Allaahin malee hin jiru, kuni dogongora hiikkaan isaa gabbaramaan haqaanis dharaanis gabbaramu Allahima qofa tayuu kenna.

Allaahin malee uuman hin jiru, kuni hiikkaa cinaati garuu wanti itti fedhame kanaa miti, osoo hiikkan isaa kana qofa tayee wal-dhabbiin Nabiyyicha ﷺ fi tuuta isaa jiddutti argame sun hin argamu ture.

## ***Utubaalee Laa ilaahaillaAllaah:***

Hundeelee yookin utubaalee lama qaba: Nafyii (dhabamsiisuu) fi Isbaata (Raggaasisuu) dha.

***'Nafyii'*** jechuun Waan Rabbiin hin tahin hundaa Gabbartirraa dhabamsiisuu jechuu dha.

***'Isbaata'*** jechuun Gabbartii ibaadaa hunda rabbiif Raggaasisuu jechuu dha.

Ragaan jecha Allaahaa ol-taheeti:

﴿فَمَن يَكْفُرْ بِالطَّاغُوتِ وَيُؤْمِن بِاللَّهِ فَقَدِ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ لَا انفِصَامَ لَهَا ۗ﴾ البقرة:٢٥٦

*"Namni Xaaguutatti kafaree, Rabbitti amane, dhugumatti haada cimaa hin cinne qabateera"* Al-baqaraa 256

﴿وَإِذْ قَالَ إِبْرَاهِيمُ لِأَبِيهِ وَقَوْمِهِ إِنَّنِي بَرَاءٌ مِّمَّا تَعْبُدُونَ ﴿٢٦﴾ إِلَّا الَّذِي فَطَرَنِي فَإِنَّهُ سَيَهْدِينِ ﴿٢٧﴾﴾ الزخرف٢٦-٢٧

“Yeroo Ibraahiim abbaa isaatii fi ummata isaatiin jedhes (yaadadhu): ‘Dhugumatti ani waan isin gabbartan irraa qulqulluu dha’ (26) Isa na uume malee. Inni na qajeelcha” Suuraa Az-Zukhruf 26-27

***Jechi Laa ilaaha illallaah Yoom Nama fayyaddi?***

- Yoo Hiikkoo isaa qajeellotti beynee hubanne
- Waan isiin itti nu ajajje dalagnee yoo waan isiin irraa nu dhoorkite hundarraa yoo dhoorkamne. Walumaa galatti haqa isii yoo guunne.

## Ulaagaa Laa ilaaha illallaah

Jechi laa ilaaha illallaah ulaagaalee armaan gadii guutuu qabdi:

1. Beekumsa (Ilmii) faallaa wallaalaa
2. Mirkaneessuu faallaa shakkii
3. Qulqulleessuu faallaa shirkii
4. Dhogoomsuu faallaa kijibsiisuu
5. Jaalala faallaa jibbaa
6. Masakamuu faallaa dhiisuu
7. Fudhachuu faallaa diduu yookin dhiisuu
8. waan Rabbii achitti gabbaramutti Kufaruu

- **Ibsa Ulaagaalee bal'inaan**

**1. Beekumsa (Al-ilm) faallaa wallaalaa:**

Jechi hundi hiikkaa qaba. Hiikkaan "Laa Ilaaha Illallaah" beekumsa wallaala dhabamsiisu beekuudha. Jechi tun ibaadaa waan biraa irraa dhabamsiisun Rabbiif qofaaf mirkaneessiti. Hiikni isiis "Rabbiin malee haqaan kan gabbaramu hin jiru" jechuu dha. Rabbiin ol tahe akkana jedha:

﴿ فَاعْلَمْ أَنَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا اللَّهُ ﴾ سورة محمد ١٩

*"Beeki; Inni Allaahin malee haqaan gabbaramaan hin jiru"* Suuraa Muhammad 19

**2. Mirkaneessuu (Al-yaqiin) faallaa shakkii:**

Innis ergaa isii jala muranii mirkaneessu udha, waan isiin shakkii, mamii, quuqaa onnee, kkf hin qeeballeef. Yaqiina jala murame irra dhaabbachuu qabdi. Rabbiin Ol tahe yeroo haala mu'uminoota ibsu akkana jedha:

﴿إِنَّمَا الْمُؤْمِنُونَ الَّذِينَ آمَنُوا بِاللَّهِ وَرَسُولِهِ ثُمَّ لَمْ يَرْتَابُوا وَجَاهَدُوا بِأَمْوَالِهِمْ وَأَنفُسِهِمْ فِي سَبِيلِ اللَّهِ أُوْلَئِكَ هُمُ الصَّادِقُونَ﴾ الحجرات: ١٥

*(Mu'uminoonni isaan Rabbii fi ergamaa Isaatti amanan, ergasii Kan hin shakkin, Kan qabeenyaa fi lubbuu isaanitiin karaa Rabbii irratti qabsaa'ani, isaan sun dhugaa dubbattoota).* Suuratul-Hujraat 15

**3. Qulqullummaa (Al-Ikhilaas) faallaa Shirkii:**

Fuula Rabbii ﷻ qofa kajeelu dha. Rabbiin ol-tahe akkana jedha:

﴿وَمَا أُمِرُوا إِلَّا لِيَعْبُدُوا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ حُنَفَاءَ﴾ سورة البينة ٥

*(Amantii Isaaf qulqulleessuun shirkii dhiisanii Rabbiin akka gabbaraniif malee isaan hin ajajamne).* Suuraa Al-Bayyinaa 5

**4. Dhugaan jechuu (As-sidq) faallaa kijibsiisuu:**

Hiikni isaa jecha keessaan kijibsiisuu hin qabne jechuudha. Kanaaf namni arraba isaa qofaan isii

jedhee onnee isaatiinisii kijibsiise, inni munaafiqa. Ragaan isaas jecha Rabbii ﷻ;

﴿الم (١) أَحَسِبَ النَّاسُ أَن يُتْرَكُوا أَن يَقُولُوا آمَنَّا وَهُمْ لَا يُفْتَنُونَ (٢) وَلَقَدْ فَتَنَّا الَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ ۖ فَلَيَعْلَمَنَّ اللَّهُ الَّذِينَ صَدَقُوا وَلَيَعْلَمَنَّ الْكَاذِبِينَ (٣)﴾ (العنكبوت ١-٣)

*"1. Alif; Laam; Miim.*
*2. Sila namoonni 'amanne' jechuudhaan odoo hin mokkoramin dhiifamuu yaaduu?*
*3. Dhugumatti, nuti warra isaaniin duraas mokkorree jirra. Dhugumatti, Rabbiin isaan dhugaan (amanne) jedhan beekuuf jira, sobdootas beekuuf jira."* Suuraa Al-Ankabuut 1-3

**5. Jaalala (Al-mahabbah) faallaa jibbuu:**

Mu'uminni jechattii tana ni jaalata. Ergaa isiin dabarsituttis hojjechuu ni jaallata. Warra isiitti hojjatus ni jaallata. Mallattoon gabrichi Rabbiin jaallachuu; yoo fedha isaatiin wal dhabeyyuu waan Rabbi jaallatu dursuudha, nama Rabbii fi ergamaa Isaa jaalallee godhate jaalallee godhachuudha, nama isaanitti diina ta'e diina itti ta'uudha, ergamaa Isaa ﷺ hordofuudha, qajeelfama isaanii fudhatanii hojiirra oolchuudha.

﴿وَمِنَ النَّاسِ مَن يَتَّخِذُ مِن دُونِ اللَّهِ أَندَادًا يُحِبُّونَهُمْ كَحُبِّ اللَّهِ ۖ وَالَّذِينَ آمَنُوا أَشَدُّ حُبًّا لِّلَّهِ ۗ﴾ سورة البقرة ١٦٥

*Namoota irraas Nama Rabbiin ala gabbaramtoota (biraa) kan akka Rabbii jaalatanitti isaan jaalatan, godhatantu jiru, isaan amanan ammoo irra Rabbiin jaalatu”* Suuratu Al-Baqaraa 165

### 6. Ajajamuu yookin Masakamuu (Al-Inqiyaadu) faallaa dhiisuu:

Tawhiidaf ajajama guutuu ajajamuudha. Kun madaala dhugaa fi raawwii mul’ataa Iimaana ti. Kun waan Rabbi ﷻ ajaje hojjachuuni fi waan Inni irraa dhorge dhiisun dhugooma. Rabbi ol tahe akkana jedha:

﴿ وَمَن يُسْلِمْ وَجْهَهُ إِلَى اللَّهِ وَهُوَ مُحْسِنٌ فَقَدِ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ ۗ وَإِلَى اللَّهِ عَاقِبَةُ الْأُمُورِ﴾ سورة لقمان ٢٢

*(Namni ofii tolee fuula isaa gara Rabbiitti kennu, inni dhugumaan haada cimaa qabate, itti-galli waa hundaa gara Rabbii ti).* (Suuratu Luqmaan 22)

﴿وَأَنِيبُوا إِلَىٰ رَبِّكُمْ وَأَسْلِمُوا لَهُ﴾ الزمر٥٤

*“Gara Rabbii keessanii deebi’aa, isaafis ajajamaa”* Suratu Az-Zumar 54

### 7. Fudhachuu: (Al-qabuul) faallaa diduu yookin dhiisuu:

Erga beekte fi mirkaneessitee booda, beekumsi mirkanaa'an kun bu’aa mul’atu qabaachuu qaba.

Kunis ergaa jechi kun dabarsitu onnee fi arrabaan fudhachuun mul'ata. Namni waamicha tawhiidaa fudhachuu didee deebise, kaafira ta'a. Sababaan diddaa isaa boona, ykn uf-tuulummaa, ykn waanyoo ta'uu danda'a. Kuffaarota boonaf didan ilaalchisee Rabbi ﷻ akkana jedha:

﴿ إِنَّهُمْ كَانُوا إِذَا قِيلَ لَهُمْ لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللَّهُ يَسْتَكْبِرُونَ (٣٥) وَيَقُولُونَ أَئِنَّا لَتَارِكُو آلِهَتِنَا لِشَاعِرٍ مَّجْنُونٍ (٣٦) ﴾ سورة الصافات ٣٥-٣٦

*"(Isaan yeroo "Laa Ilaaha Illallaah" isaanin jedhamu kan boonan turan 'sila nuti wallisaa maraataa (kanaaf) gabbaramtoota keenya dhiifnaa? Jedhu)"* Suuraa As-Saaffaat 35-36

**8. Waan Rabbii achitti gabbaramutti Kufaruu:**

Hiikkaan isaa gabbartii Allaahin maletti gabbaramu irraa qulqullaayuu dha, akkasuma dogongora tayuu yaaduu dha.
Ragaan jecha Allaahaa ol-taheeti:

﴿فَمَن يَكْفُرْ بِالطَّاغُوتِ وَيُؤْمِن بِاللَّهِ فَقَدِ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَىٰ لَا انفِصَامَ لَهَا ۗ﴾ البقرة: ٢٥٦

*"Namni Xaaguutatti kafaree, Rabbitti amane, dhugumatti haada cimaa hin cinne qabateera"* Al-baqaraa 256

❋ ✹ ❋

# Muhammad ﷺ Ergamaa Tahuu Ragaa bahuu

Ragaan isaa jecha Rabbii ol-taheeti;

﴿لَقَدْ جَاءَكُمْ رَسُولٌ مِّنْ أَنفُسِكُمْ عَزِيزٌ عَلَيْهِ مَا عَنِتُّمْ حَرِيصٌ عَلَيْكُم بِالْمُؤْمِنِينَ رَءُوفٌ رَّحِيمٌ﴾ (التوبة١٢٨)

*"Dhugumatti ergamaan isinirraa ta'e, kan Rakinni keessan isin iatti jabaatu, kan isiniif (akka amantaniif) bololu, mu'iminootaf ammoo mararfataa, Rahmata godhaa ta'e isinitti dhufeera." (At-tawba 128)*

﴿وَاللَّهُ يَعْلَمُ إِنَّكَ لَرَسُولُهُ﴾ (المنافقون: ١)

*"Dhugumatti Rabbiin ati ergamaa isaa tahuu ni beeka"* Suuraratu Al-Munaafiquun 1

**Hiikkaan isii;**

Rasuulli (Sallallaahu aleeyhi wasallam)ﷺ ergamaa Rabbii tahuu fi gabricha Allaah akkasumas ilma namaatif Jinnittis ergamuu sirritti onneen dhogoomsuu dha.

***Hundee (Arkaana) isii;***

Kunis hundee lama qaba.

1. Muhammad ergamaa Rabbii ta'uu amanuu

﴿مُّحَمَّدٌ رَّسُولُ اللَّهِ ۚ﴾ (الفتح٢٩)

"Muhammad ergamaa Rabbiiti" Suuratu Al-Fathi 29

2. Ergamaan kunis gabricha isaa tahuu amanuu dha.

﴿وَأَنَّهُ لَمَّا قَامَ عَبْدُ اللَّهِ يَدْعُوهُ كَادُوا يَكُونُونَ عَلَيْهِ لِبَدًا﴾ (الجن:١٩)

*Yeroo gabrichi Rabbii (Muhammed) isa waamachuuf dhaabbatu (jinnoonni) isa irratti tuuta ta'uti dhihaatu* (Al-jinn: 19)

Muhammed ﷺ ergamaa dha hin sobsiifamuu, gabrichaa hin gabbaramu.

**Ulaagaalee isii:**

1. Muhammad ﷺwaan haasaye keessatti isa dhogoomsuu
2. Waan inni ajejetti tole jechuu
3. Waan inni irraa dhoorke hundaa irraa fagaachuu
4. Waan inni karaa taasiseen malee Rabbiin gabbaruu dhabuu.

✲ ۞ ✲

## Shirkii; Hiikkaa isaa fi Qoqqoodama isaa

- ***Hiikkaa:***

Shirkii jechuun waa qindeessuu, waa walitti qabsiisuu jechuu dha.

Kanaafuu shirkii jechuun uumaa (waan Rabbiin hin ta'in) Rabbitti makuu ykn qindeessuu jechuu dha.

- ***Akaakuu Shirkii;***

Shirkiin bakka gurguddaa 2tti qoodama

Isaanis shirkii guddaa fi shirkii xiqqaa jedhama. Mee tokko tokkoon babalifnee haa ilaallu.

***1-Shirkii guddaa***

Bifni shirkii kun nama isa hojjetu amantii islaamaa keessaa isa baasa.

***2-Shirkii Xiqqaa***

Bifni kun ammo jechaan ykn dalagaan kan raawwatamu ta'ee kan Islaamummaa keessaa nama baasuu miti.

Gabateen armaan gadii wal fakkeenyaa fi garaagarummaa shirkii kana lamaanii nuu ibsa.

| **Shirkii Gurguddaa** | **Shirkii Xixiqqaa** |
|---|---|
| Islaamaamurraa nama baasa | Islaamummarraa nama hin baasu |
| Ibidda keessatti abad (zalaalamii) nama teessisa | Yoo seene Ibidda keessatti abad hin teessifamu |
| Dalagaa hunda nama jalaa balleessa | Hunda osoo hin taane kan na argiin itti makamte nama jalaa balleessa |
| Dhiiga fi duniyallee halaala godha | halaala hin godhu |

## Gosoota Shirkii Gurguddaa

Bifni Shirkii guddaan bakka 4tti qoodama.

1. **Shirkii Waamicha**

   Ragaan isaa jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿فَإِذَا رَكِبُوا فِي الْفُلْكِ دَعَوُا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ فَلَمَّا نَجَّاهُمْ إِلَى الْبَرِّ إِذَا هُمْ يُشْرِكُونَ﴾ (العنكبوت ٦٥

*"Yeroo doonii yaabbatan, amantii isaaf qulqulleessuun Allaah (qofa) kadhatu. Yeroo inni gara dachiitti nagaya isaan baase immoo yeroma san (Rabbitti) qindeessu"* Suuraa Ankabuut 65

2. **Shirkii Niyyaa fi Yaadaa yookin Fedhaa**

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿مَن كَانَ يُرِيدُ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا وَزِينَتَهَا نُوَفِّ إِلَيْهِمْ أَعْمَالَهُمْ فِيهَا وَهُمْ فِيهَا لَا يُبْخَسُونَ (١٥) أُولَٰئِكَ الَّذِينَ لَيْسَ لَهُمْ فِي الْآخِرَةِ إِلَّا النَّارُ ۖ وَحَبِطَ مَا صَنَعُوا فِيهَا وَبَاطِلٌ مَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ(١٦)﴾ سورة هود ١٥-١٦

*"Namni jireenya Addunyaatii fi midhagina ishee fedhe, nuti dalagaa isaanii ishee keessatti guunnee isaaniif kennina. Isaanis ishee keessatti hin hir'ifamanu. (15) Isaan sun warra Aakhiraatti ibidda malee homtuu isaaniif hin jirree dha. Wanti isaan*

*ishee keessatti dalaganis ni bade. Wanti isaan dalagaa turanis badaa dha.*" Suuratu Huud 15-16

3. **Shirkii tole jechuu**:

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿اتَّخَذُوا أَحْبَارَهُمْ وَرُهْبَانَهُمْ أَرْبَابًا مِّن دُونِ اللَّهِ وَالْمَسِيحَ ابْنَ مَرْيَمَ وَمَا أُمِرُوا إِلَّا لِيَعْبُدُوا إِلَٰهًا وَاحِدًا ۖ لَّا إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ۚ سُبْحَانَهُ عَمَّا يُشْرِكُونَ (٣١)﴾ التوبة ٣١

*"Gooftaa tokkicha gabbarutti malee kan hin ajajamin tahanii, hayyoota isaaniitii fi moloksee isaanii Rabbiin alatti gabbaramtoota godhatan; Masiih ilma Maryamis (gabbaramaa godhatan). Isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru. Inni waan isaan itti qindeessan irraa qulqullaa'e"* Suuratu at Tawbaa 31

4. **Shirkii Jaalalaa**

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَمِنَ النَّاسِ مَن يَتَّخِذُ مِن دُونِ اللَّهِ أَندَادًا يُحِبُّونَهُمْ كَحُبِّ اللَّهِ ۖ وَالَّذِينَ آمَنُوا أَشَدُّ حُبًّا لِّلَّهِ ۗ﴾ سورة البقرة ١٦٥

*"Namoota irraas Nama Rabbiin ala gabbaramtoota (biraa) kan akka Rabbii jaalatanitti isaan jaalatan, godhatantu jiru, isaan amanan ammoo irra Rabbiin jaalatu"* Suuratu Al-Baqaraa 165

## Fakkeenyota shirkii gurguddaa fi xixiqqaa

- ***Shirkii Guddaa (Mul'atu)***

Rabbiif malee qaluu, Rabbiif malee godhaa godhuu, Rabbiin malee gargaarsifachuu fi Kan kana fakkaatan fa'a.

- ***Shirkii Guddaa (dhokatu)***

Bifni Shirkiin kun shirkii munaafiqootaa na argii fi fakkeessaa, sodaa iccitii, waan Rabbi malee wanti biroo dandeettii irratti hin qabne keessatti waan Rabbiin malee jiru sodaachuu.

- ***Shirkii Xixiqqaa (Mul'atu)***

Fakkeenyaaf Rabbiin malee waan birootin kakachuu, osoo sihii fi Rabbi na gargaaruu (fedhuu) dhabdanii jechuu, waan si fi Rabbi fedhe jechuu fi kkf.dha.

- ***Shirkii Xixiqqaa (dhokatu)***

Na argiiwwan fi Allaattin milkii laallatuu faa

### Kadhaa (du'aa'ii)Shirkirraa of eeganiin:

Hadiisa abii Muusan (radiyallaahu anhu) nu odeesse keessatti Rasuulli ﷺ *'Yaa Ilmaan namaa*; *Shirkii sodaadhaa, inni sochii mixii caalaa dhokataa dha*' jedhan. Ergasii Sahaabonni akkamitti irraa of eeguu dandeenya jedhanii gaafatan? *"Akkana jedhaa; Yaa Allaah waan beeknuun sitti yagutoomsuu irraa sitti maganfanna, waan hin beeynen ammoo sirraa araarama barbaanna"* Ahmadtu gabaase, Albaanin gaarii jedheen

## Seenaa Shirkii

Tawhiidni hundee ilmaan namaati, shirkiin ammoo kan guyyaa keessa (yeroo booda) itti dhufanii dha.

Akkuma ibnu Abbaas ﷺ akka jedhetti: “Aadamii fi Nuuh jidduu jaarraa kudhantu ture hundi isaanituu tawhiidarra turan.”

- Yeroo duraatif seenaa ilma namaa keessatti shirkiin kan argame yeroo ummata Nabiyyii (ergamaa) Nuuhiiti عليه السلام. Yeroo ummanni saalihootaa keessatti daangaa bahanii dha. Suuraa isaanii kaayanii itti yaadachuu turan. Suuta suuta isaanuma Rabbii achitti gabbaruu jalqaban. Ergasii Rabbiin Nabiyullaah Nuuhin itti erge.
- Akkasumas shirkiin ummata muusaa keessatti yeroo isaan Mirgoo gabbaramaa godhatan argame.
- Nasaaraa (kiristaanota) keessatti ammoo erga Nabi Iisan عليه السلام samitti ol-fuudhamee booda namni ‘boolis’jedhamu kan Iisatti amana jedhee kijibaan himatu tokko kiristaana keessatti sadeessoo (sillaasee), akkasuma masqalaa fi taabota akka gabbaran godhe.

- Arabaa keessattis namicha maqaan isaa Amru bin luhayyi al-khuzaa'iyyi jedhamutu diinii Ibraahiim عليه السلام jijjiirun biyyoota Arabaa keessatti taabota seensisaa ture.
- Ummata Muhammad صلى الله عليه وسلم keessatti ammoo yeroo ummata Shi'aa 'Faaaximiyyootaa' mul'ate. Yeroon kun yemmuu isaan Mawlida (Dhaloota Nabi Muhammad صلى الله عليه وسلم kabajanii dha. Akkasumas yeroo Saalihoota fi Sheekkota keessatti dangaa dabruun qabrii faa irratti ijaarun suufiyyumaa fi jallina mul'isanii dha.

## Badii (Miidhaawwanii) fi Adabbii Shirkiin Fidu

1. Nama osoo hin tawbatin du'e Rabbiin hin araaramuuf:

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿ إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَن يُشْرَكَ بِهِ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَاءُ ۚ ﴾

سورة النساء ٤٨

*"Dhugaatti Allaah badii isaatti qindeessuu (shirkeessuu) gonkumaa dhiifama hin godhu, kana irraa kan hafe badii kamiiniyyuu nama fedheef ni dhiisa"* (Suuratu Nnisaa':116)

2. Islaamummaa keessaa nama baasa, dhiiga fi horii isaa hallalcha:

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿فَإِذَا انسَلَخَ الْأَشْهُرُ الْحُرُمُ فَاقْتُلُوا الْمُشْرِكِينَ حَيْثُ وَجَدتُّمُوهُمْ وَخُذُوهُمْ وَاحْصُرُوهُمْ﴾ التوبة ٥

*"Yeroo ji'oonni kabajamoon dabran mushrikoota bakka argitanitti ajjeesaa; isaan booji'as; isaan marsaas;"* Suuratu At-Tawbaa 5

### 3. Rabbiin dalagaa (Ibaadaa) nama isatti waa qindeessu irraa hin fuudhu

Dalagaan Nama tokkoo shirkii yoo of keessaa qabaate rabbii ol tahe biratti fudhatama tokkollee hin qabu, wanti inni dur dalages jalaa bada. Daaraa bubbeen fuute jalaa taya.

Rabbiin akkana jedha:

﴿وَقَدِمْنَا إِلَىٰ مَا عَمِلُوا مِنْ عَمَلٍ فَجَعَلْنَاهُ هَبَاءً مَّنثُورًا﴾ الفرقان٢٣

*"Nutis gara dalagaa isaan dalaganii feenee (dhufnee) dhukkee (daaraa) faca'aa isa goone"* Suuratul Furqaan 23

﴿ وَلَقَدْ أُوحِيَ إِلَيْكَ وَإِلَى الَّذِينَ مِن قَبْلِكَ لَئِنْ أَشْرَكْتَ لَيَحْبَطَنَّ عَمَلُكَ وَلَتَكُونَنَّ مِنَ الْخَاسِرِينَ ﴾ سورة الزمر٦٥

*"(Yaa Muhammad ﷺ) Sirratti buufameera; akkuma warra siduraa irratti bu'etti; yoo waan biraa Rabbitti yagutoomsite, dhugumaanuu hojiin kee bu'a dhabeessa ammas warra hoongaye irraayis ni taata"* (Suuraa Az-Zumar: 65)

**4. Jannata seenun irratti haraama. Jahannam keessatti abad tura.**

Namni shirkii qabu Nama karaa islaamummaa irraa baye jannata hin seensifamu ibidda keessa zalaalamii teessifama.

Rabbiin akkana jedha: "

﴿ إِنَّهُ مَن يُشْرِكْ بِاللَّهِ فَقَدْ حَرَّمَ اللَّهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ وَمَأْوَاهُ النَّارُ ۖ وَمَا لِلظَّالِمِينَ مِنْ أَنصَارٍ﴾ سورة المائدة ٧٢

*"Dhugumatti namicha Allaahitti qindeessu Allaah dhugatti jannata isa irratti irmii(haraama) taasisee jira, itti galli isaas ibidda, 'zaalimootaf' (warra daba, miidhaa, badii, dalaganiifis, ykn miilteessitootaf Rabbi biratti) kan isaan gargaarus takkaa hin jiru."* (Al-Maa'idah: 72)

❊ ۞ ❊

## Wantoota Islaamummaa Diigan

Wantoonni Islaamummaa diigan (Balleessan) heddu garuu irra badaa fi baay'inaan kan mul'atan Kudhani, isaanis:-

1. ***Shirkii Iibaadaa keessaa (gabbartii keessatti yagutoomsuu)***: Qabxiin kun Rabbiif malee qaluu, kan akka qabrii fi jinnii qaluu ilaallata.

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿ إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَن يُشْرَكَ بِهِ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَاءُ ۚ ﴾

سورة النساء ٤٨

*"Dhugaatti Allaah badii isaatti qindeessuu (shirkeessuu) gonkumaa dhiifama hin godhu, kana irraa kan hafe badii kamiiniyyuu nama fedheef ni dhiisa"* (Al-Nisaa':116)

2. ***Jiddu gala taasisuu***: namni isaa fi Rabbi Jiddutti jiddu galeessa taasise, Kan jiddu gala kanaan isa kadhatu, ka manguddummaa irraa barbaadu akka walii galaatti inni nama kafare (Islaamumarraa bahe).
3. Namni Mushrikoota hin kafarsiifne ykn ammo shirkii isaanii keessatti shakke ykn isaanuu karaa sirrii irra jiran jedhee yaade inni kafare.

4. Namni karaa Rasuulaa ﷺ malee karaa biraatin isa caalaa gaari dha jedhe kafare. Kan akka murtii xawaagiitaatiin murteessuu fa'a.
5. Namni waan Rasuulli ﷺ ittiin ergaman keessaa waa jibbe osoo itti dalage illee kafare.
6. Namni Amantii Rasuulli ﷺ ittiin ergamanitti qoose (qishnaa godhe) mindaa irratti tayinnaa adabbii inni kafare.

Rabbiin akana jedha:

﴿وَلَئِن سَأَلْتَهُمْ لَيَقُولُنَّ إِنَّمَا كُنَّا نَخُوضُ وَنَلْعَبُ ۚ قُلْ أَبِاللَّهِ وَآيَاتِهِ وَرَسُولِهِ كُنتُمْ تَسْتَهْزِئُونَ ﴿٦٥﴾ لَا تَعْتَذِرُوا قَدْ كَفَرْتُم بَعْدَ إِيمَانِكُمْ ۚ﴾

التوبة ٦٥–٦٦

“Dhugumatti odoo isaan gaafattee ‘nuti haasawatti kan seennuf ii kan taphannu qofa turre’ jedhu. ‘Sila Rabbitti, keeyyatoota isaatii fi ergamaa isaatti qishnaa gootuu? Jedhiin (66) Rakkoo hin himatinaa! Dhugumatti isin erga amantanii booda kafartanii jirtu.” Suuratu At-Tawbaa 65-66

7. **Sihrii**: falfala hojechuu, namni hojjate yookin jaalate kafare.

﴿وَمَا يُعَلِّمَانِ مِنْ أَحَدٍ حَتَّىٰ يَقُولَا إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ فَلَا تَكْفُرْ ۖ﴾

سورة البقرة ١٠٢

"Isaan lamaan nama tokkos odoo 'nuti mokkoroof dhufnee hin kafarinaa' hin jedhin (sihrii) hin barsiisan" Suuratu Al-Baqaraa 102

8. Namni Mushrikoota muslimootarratti gargaare yookin jara wajji Muslimarri duulu kafare.

﴿وَمَن يَتَوَلَّهُم مِّنكُمْ فَإِنَّهُ مِنْهُمْ ۗ إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ﴾

المائدة ٥١

*"Isin irraa namni jaalallee isaan (Yahoodotaa fi Kiristaanota) godhate, inni isaanuma irraayi. Dhugumatti, Rabbiin ummata miidhaa hojjattoota hin qajeelchu"* Suuratu Al-Maa'idaa 51

9. Namni gariin namaa shari'aa Nabi Muhammad ﷺ keessaa bahuun isaaniif ni taha jedhee yaadu inni kaafira.

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَمَن يَبْتَغِ غَيْرَ الْإِسْلَامِ دِينًا فَلَن يُقْبَلَ مِنْهُ وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَاسِرِينَ﴾ سورة آل عمران ٨٥

*"Namni Islaamaan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu, Aakhirattis inni warra hoongayan irraayi".* Suuratu Aali Imraan 85

10. Namni amantii Rabbii irraa (Islaamarraa) garagale ykn hin baranne ykn ittiin hin dalagne.

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti;

﴿وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّن ذُكِّرَ بِآيَاتِ رَبِّهِ ثُمَّ أَعْرَضَ عَنْهَا ۚ إِنَّا مِنَ الْمُجْرِمِينَ مُنتَقِمُونَ﴾ السجدة ٢٢

*"Nama keeyyatoota gooftaa isaatiin gorfamee sana booda ishee irraa duubatti deebi'e caalaa namni miidhaa dalage hin jiru. Nuti yakkamtoota irraa haloo bahatoo dha"* Suuratu As-Sajdah 22

**Hubachiisa:**

- Qabxiiwwan armaan olitti ilaalle kana hundaa keessaa garaagarummaan tokkos hin jiru, beekaan tahuu sodaan tahus nama dirqame malee. Qabxiiwwan Islaamummaa diigani dha.
- Kunniin hunduu akka malee jaboo fi kan dallansuu Rabbi namatti dhaqqabsiisan yoo ta'u wanti Muslimarraa eegamu irraa sodaachuu fi qabxiiwwan kanneen irraa fagaatanii Islaamummaa ofii jabeefachuu dha.

# Xaaguutatti Kafaruu

'Xaaguuta' jechuun maal jechuudha?

'Xaaguuta' jechuun Afaan Arabiitin wantoota Rabbii gaditti gabbaraman hunda jechuu dha. Xaaguuta karaa biraatin wanta gabrichi tokko gabbartii, hordofuufi tole jechuu kessatti daangaa dabarse Waaqeffatummaa jennee hiikuun ni danadeenna.

***Xaaguuttatti kafaruun Dirqama tahuu;***

Dura dursee ilmaan Adamitti wanti dirqama ta'e Rabbitti amananii Xaagutatti kafaruu dha.

Rabbiin ﷻ Qur'aana keessatti akkana jedha:

Rabbiin Qur'aana keessatti Akkana jedha:

﴿وَلَقَدْ بَعَثْنَا فِي كُلِّ أُمَّةٍ رَسُولًا أَنِ اعْبُدُوا اللَّهَ وَاجْتَنِبُوا الطَّاغُوتَ ۖ﴾

سورة النحل ٣٦

*"Ummatoota hundaa keessatti 'Rabbi qofa gabbaraa, waaqeffamoota (xaaguut) irraa fagaadhaa'jennee ergamaa ergineera"* Suuratu Nnahl 36

***Akkaataa xaagutatti ittiin kafaran:***

- Rabbii gaditti waan gabbaramu hundaa dhabamsiisuu, sobsiisuu, jibbuu, dhiisuu fi kkf.
- Akkasumas warra xaagutatti amane hundaa kafarsiisuu fi jara alagaa godhatuu dha.

***Matoota Xaagutaa***:

Xaaguni baay’e dha. Garuu moototni (matoonni) kan armaan gadiiti:

1. Ibliisa (sheyxaana) abaarsi Rabbii isarra haa jiraatu.
2. Namni Rabbii gaditti gabbaramuu jaalate
3. Of gabbarsiisuf nama nama waame
4. Nama ilmii geybii ( beekumsa fagoo) ni beeka jedhe
5. Nama waan rabbiin buusen malee ka birootin murteesse

## Hundeewwan Sadan

1. Gabrichi Rabbii isaa beekuu
2. Gabrichi Amantii (Diinii) isaa beekuu
3. Gabrichi Nabiyyii isaa Muhammadiin صلى الله عليه وسلم beekuu

Qabxiiwwan kunniin gaafilee qabrii keessatti Rabbiin nama gaafachuu heduu dha.

**Hundeen duraa: Gabrichi Rabbii isaa beekuu dha:** Kunniinis qabxiiwwan armaan gadii dhuunfata.

1. Rabbi kan aalamoota hundaa qananii isaatin qananiise
2. Rabbiiin malee kan gabbaramu jiraachuu dhabuu
3. Rabbiin Mallattoolee fi Uumaamtoota isaatin beekna.

Mallattoo Isaatirraa: Guyyaa fi halkan, Aduu fi J'a

Uumamtoota Isaatirraa: Samii torbanii fi Dachii torban, akkasumas waan isaan keessa jiran mara of keessatti qabata.

**Hundeen lammaffaa: Gabrichi Amantii (diinii) isaa beekuu:**

Kunis qabxii armaan gadii of keessatti qabata.

1. Amantii Islaamaa qofatu Rabbi biratti fudhatama qaba.
2. Islaama jechuun: Rabbiif tawhidaan masakamuu, tole jedhanii waan inni itti ajaje Raawwachuu (dalaguu), Shirkirraa fi warra shirkii dalagurraa qulqullaayuu.
3. Sadarkaan Diinii (amantii) sadihi

- Islaama.
- Iimaana.
- Ihsaana.

**Hundeen Sadaffaa: Gabrichi Nabiyyii isaa Muhammadiin ﷺ beekuu:**

Qabxiiwwan armaan gadii of keessatti qabata.

1. ***Maqaa fi Gosa isaa:***

Maqaan isaa Muhammad Ibn Abdallah Ibn Abdulmuxxalib Ibn Hashim, Hashim qureyshirraayi, Qureysh ammo Arabarraayi, Arabni hortee Ismaa'iil ibn Ibrahim Al-khaliil irraayi.

2. ***Umrii isaanii:***

Umriin Nabi Muhammad ﷺ waggaa 63, kana keessaa waggaa 40 ergamummaa (nubuwwaa) dura, 23 ammoo erga Rasuulaf nabiyyii ta'anii dha.

### *3. Nubuwwaa fi Ergamiinsa isaa:*

(Iqra'iin) nabiyyii godhame (Al-Muddassiriin) Ergamaa/Rasuula taye.

### *4. Biyyaaf eddo godaansaa:*

Biyyi isaa Makka, gara madiinaa godaansa taasisan

### *5. Waamicha isaanii (Da'awaa):*

Rabbiin ﷻ Nabi muhammadiin ﷺ shirkii irraa dinniinun (sodaachisuun) gara Tawhhiidaa waamicha godhuun erge.

# Kufrii

Kufrii jechuun diddaa jechuu dha. Akka hiika Shari'aatitti Faallaa Islaamati.

***Gosoota kufrii:***

1. Kufrii Guddaa
2. Kufrii xiqqaa

***Kufrii Guddaa:***

Kufrii guddaa jechuun Rabbii fi Ergamaa isaatitti amanuu dhabuu dha. Kijibsiisun ta'innaa kijibsiisun alattis.

Murtiin isaa ammo diinii Isalama keessaa nama baasa.

***Gosoota kufrii guddaa:***

Kufrii guddaan bifa Shan of keessatti qabata.

***1. Kufrii kijibsiisuu:***

Rabbiin ﷻ Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنِ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا أَوْ كَذَّبَ بِالْحَقِّ لَمَّا جَاءَهُ ۚ أَلَيْسَ فِي جَهَنَّمَ مَثْوًى لِّلْكَافِرِينَ﴾ [العنكبوت ٦٨]

*“Nama Rabbi Irratti soba uumee odeesse yookiin dhugaan itti dhufnaan sobsiise caalaa namni miidhaa hojjete (tokkolleen) hin jiru. Sila teessoon kaafirootaa Jahannam hin taanee?”* Suuratul Ankabuut 68.

***2. Kufrii Diddaa fi Booninsaa dhogoomsuu waliin:***

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَإِذْ قُلْنَا لِلْمَلَائِكَةِ اسْجُدُوا لِآدَمَ فَسَجَدُوا إِلَّا إِبْلِيسَ أَبَىٰ وَاسْتَكْبَرَ وَكَانَ مِنَ الْكَافِرِينَ﴾ البقرة ٣٤

*“Yeroo nuti Malaa’ikootaan ‘Aadamiif Sujuuda godhaa’ jennees (yaadadhu). Ibliisa malee Isaan sujuuda godhan; (Inni) ni dide; ni boones. Kaafiroota irraayis taye”* Suuratu Al-Baqaraa 34

***3. Kufrii Shakkii ykn Mamii innis sehuu dha:***

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَدَخَلَ جَنَّتَهُ وَهُوَ ظَالِمٌ لِّنَفْسِهِ قَالَ مَا أَظُنُّ أَن تَبِيدَ هَٰذِهِ أَبَدًا ﴿٣٥﴾ وَمَا أَظُنُّ السَّاعَةَ قَائِمَةً وَلَئِن رُّدِدتُّ إِلَىٰ رَبِّي لَأَجِدَنَّ خَيْرًا مِّنْهَا مُنقَلَبًا ﴿٣٦﴾ قَالَ لَهُ صَاحِبُهُ وَهُوَ يُحَاوِرُهُ أَكَفَرْتَ بِالَّذِي خَلَقَكَ مِن تُرَابٍ ثُمَّ مِن نُّطْفَةٍ ثُمَّ سَوَّاكَ رَجُلًا ﴿٣٧﴾ لَّٰكِنَّا هُوَ اللَّهُ رَبِّي وَلَا أُشْرِكُ بِرَبِّي أَحَدًا ﴿٣٨﴾﴾

الكهف ٣٥–٣٨

*“Haala lubbuu isaa miidhaa ta’een ooyruu isaa seenee ni jedhe: ‘Isiin kun gonkumaa ni baddii hin yaadu (35) Qiyaamaanis ni dhaabattii hin yaadu. Dhugumatti yoon gara gooftaa kiyyaa deebifameef, iddoo deebii kan isa caalun argadha’ (36) Hiriyaan isaas kan isaan haasa’u ta’ee ni jedhe: ‘sila ati Isa biyyee irraa, ergasii bishaan saalaa irraa si uumee, ergasii nama guutuu si godhetti kafartee? (37) Ani garuu Inni Gooftaa kiyyatti tokkollee hin dabalu.”* Suuraa Kahfii 35-38

### *4. Kufrii Garagaliinsaa:*

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَالَّذِينَ كَفَرُوا عَمَّا أُنذِرُوا مُعْرِضُونَ﴾ الأحقاف٣

*“Isaan kafaran waan ittiin sodaachifaman irraa garagaloo dha”* Suuraa Al- Ahqaaf 3

### 5. *Kufrii Nifaaqaa:*

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ آمَنُوا ثُمَّ كَفَرُوا فَطُبِعَ عَلَىٰ قُلُوبِهِمْ فَهُمْ لَا يَفْقَهُونَ﴾

المنافقون٣

*“Kunis sababa isaan amananii ergasii kafaraniifi. Waan onnee isaanii irratti cufameef isaan hin hubatanu”* Suuraa Al-Munaafiquun 3

***Kufrii Xiqqaa:***

Kufrii xiqqaa jechuun dilii (ma'asiyaa) hunda kan hadiisaa fi qur'aana keessatti dubbatame kan kufrii guddaa hin geenne jechuu dha.

***Murtiin isaa*:**

Haraama, dilii gurguddaa irraayi. Garuu Islaamummarraa Nama hin baasu.

***Fakkeenyi isaas:***

- Ni'amatti ykn qananitti kafaruu

﴿فَكَفَرَتْ بِأَنْعُمِ اللَّهِ﴾ النحل ١١٢

*"Tan tola Rabbiitti kafarte…"* Suuraa An-Nahlii 112

- Muslimni tokko obboleessa Muslimaa isaatin loluu (waraanuu) 'Muslima arrabsuun fusuuqa (jallina) isa waraanun (loluun) kufrii dha' Bukhaarii fi Muslimtu gabaase
- Gosa nama tokkoo arrabsuu ykn dubbii badaan waraanuu.
- Nama du'e irratti iyyuu. 'wantooni lamaa kufritti nama geessu nama kessa jiru; gosa nama tokkoo arrabsuu fi nama du'e irratti iyyuu' Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

## Annifaaq (Munaafiqummaa)

Akka lugaatti 'Nifaaqa' jechuun waa dhoksuu ifa baasuu dhabuu, jechuu dha. Akka shari'aatti ammoo nifaaqa jechuun Islaamummaa mul'isuun kufrii fi shirkii dhoksuu jechuu dha.

***Gosoota 'Munaafiqummaa':***

1. Nifaaqa yaadaa guddaa
2. Nifaaqa dalagaa xiqqaa

***Nifaaqa yaadaa guddaa***:

Jechuun munaafiqummaa isa guddaa kan jedhamu, kan nama san Islaamummaa mul'isee, kan garaa isaatti kufrii qabatu jechuu dha.

Akka Islaamummaatti Murtiin isaa kan gonkummaa Islaamummaa keessaa baasu akkasumas kan ibidda jahannam keessatti sadarkaa gadii isa teessisu dha.

***Gosoota Isaa:***

Bifni munaafiqummaa kun gosoota jaha of keessatti qabata.

1. Rasuula ﷺ sobsiisuu.
2. Garii (cinaa) waan Rasulli ﷺ ittiin ergamanii sobsiisuu.
3. Rasuula ﷺ Jibbuu.
4. Waan Rasuulli ﷺ ittiin ergaman hamma tokko garii jibbuu.
5. Namoonni diin Islaamummaa yeroo xiqqeessan (gadi qaban) gammaduu.

6. Tumsama Diinii (Amantii) Rasuulaatiif jibbuu.

***Nifaaqa dalagaa xiqqaa:***

Munaafiqummaa dalagaa jechuun hafteen Iimaanaa qalbii isaa keessa osoo jiru waan munaafiqummaa dalagaa tokko tokko dalagaan argamsiisuu jechuu dha.

***Murteen isaa:***

Dilii gurguddoo irraa akkasuma Haraama irraa lakkaa'amus Islaamummaa keessaa nama hin baasu. Namni munaafiqummaa bifa akkanaa qabu Iimaanas munaafiqummaas qaba jenna. Garuu nifaaqummaan isaa yoo baay'ate Munaafiqa guutuu (kaalisa) ta'a.

***Fakkeenyaaf:***

- Yoo haasayu Sobuu (kijibuu),
- Yoo beellamu diiguu,
- Amaanaa ganuu,
- Yoo muggute (morme) ni dilaawa.
- Waadaa diiguu.
- Akkasumas Masjidatti Jama'aan Salaatuu ceem'uu.
- Yoo Ibaadaa (dalagaa gaggaarii) namni haa arguuf dalaguunis kanuma keessatti lakkaa'ama.

# Al-Walaa'i Wal-Baraa'i (Rabbiif jecha Jaalachuu Fi Rabbiif jecha Jibbuu)

'***Al-Walaa'a***' jechuun akka lugaa arabiitti jaalala jechuu dha. Kanaafuu 'Al-walaa'a' jechuun muslimoota jaalachuu, gargaaruu, tumsuu fi kabajuu, isaanitti dhihaatanii rakkoo isaanii laaluu jechuu dha.

***'Al-Baraa'a***' jechuun akka lugaatti Muruu, irraa fagaachuu walitti dhufeenya kutuu jechuu yoo ta'u, hiikkaan shari'aa ammo Kaafira jibbuu, irraa fagaachuu, tumsuufi dhabuu jechuu dha.

***Barbaachisummaa isaa:***

- Hundee Aqiidaa Islaamummaati
- Murna (Islaamummaa) Iimaana guddaa
- Karaa Nabi Ibraahimii fi Nabi Muhammad صلى الله عليه وسلم

***Gosoota Al-Walaa'a:***

Walaa'ini bakka lamatti qoodama. *Tawallii* fi *Muwaalaa* jedhama.

*'Attawallii'* jechuun warra kufrii fi shirkii jaalachuu jechuu dha. Kaafirtoota Muslimotarratti gargaaruunis asuma jalatti lakkaa'ama.

Murteen Kanaa Kufrii Guddaa Islaamummarraa deeb'uu (*Murtaddii*tti) qoodama.

Ragaan isaa jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَمَن يَتَوَلَّهُم مِّنكُمْ فَإِنَّهُ مِنْهُمْ﴾ المائدة ٥١

*"Isin irraa namni jaalallee isaan godhate, inni isaanuma irraayi"* Suuraa Al-Maa'idaa 51

*'Al-Muwaalaa'* jechuun ammoo faayidaa dunyaatii jecha warra kufrii fi shirkii jaalachuu, garuu kuffaara muslimtootarratti hin tumsu, yoo tumse tawallii ta'a jechuu dha.

Murteen isaa ammo haraama, dilii gurguddaatti lakkaa'ama.

Rabbiin Qur'aana isaa keessaatti:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا تَتَّخِذُوا عَدُوِّي وَعَدُوَّكُمْ أَوْلِيَاءَ تُلْقُونَ إِلَيْهِم بِالْمَوَدَّةِ﴾ الممتحنة ١

*"Yaa warra Amantan! Diina keenyaa fi diina keessan jaalallee hin godhatinaa, isin gara isaanitti jaalala dhaqqabsiiftuu!"* Suuratu Al-Mumtahinaa 1

Gochoota Muwaalaata keessatti lakkaa'amu ***Fakkenyaf:***

- Uffataan isaanitti fakkaachuu, akka jaraa haasawuu,
- Bashannanaaf biyyoota kuffaaraa (mushrikootaa) deemuu,

- Biyya isaanii keessa taa’uu, diinii ofiitif jecha keessaa baqachuu hijraa (godaana) godhuu diduu yokin dhabuu.
- Akka lakkofsa isaanitti lakkaa’uu
- Ayyaana isaanii waliin kabajuu (akka kabajan gargaaruu ykn baga isiniin gahe jechuu ykn ayyaana isaanii kanarratti mula’achuu
- Maqaa isaanitiin wal waamuu (ijoollee ofitti baafachuu yookin moggaasuu).

# Qoqqoodama Namootaa: Al-Walaa'aa fi Al-Baraa'aa Keessatti

Ilmi namaa walaa'aa fi baraa'a haqa isaan keessatti dirqama tayu irratti bakka 3tti qoodamee laalun ni danda'ama.

***Qoodni 1ffaa:*** Nama Dhugaan (Muslimtoota) jaalatu kan diinummaan yookin jibbaan Islaamaa fi Muslimaa wajjiin hin jirre. Kun Mu'umina qulqulluu jedhama.

***Qoodni 2ffaa***: kan (Muslimoota) Jibbu, jibbiinsa qulqulluu kan jaalalli keessa hin jirre, kuni Kaafira qulqulluu dha.

***Qoodni 3ffaa***: Kan gama tokkoon jaalataa kan gama biraatin jibbu kun Mu'umina dilii dalagu jedhama. Sabani inni jaalatuuf Mu'imina waan ta'eef wanti jibbuf ammoo Ma'asiyaa shirkiin ala jiru(waan dilii dalaguufi).

## Al-Islaam

*Islaamummaa jechuun akka lugaatti:*
Masakamuu fi of gadi qabuu, jala deemuu jechuu dha.
*Islaamni akka shari'aatti ammo:*

1. Tawhiidaan Rabbiif masakamuu jechuu dha.
2. 'Xaa'aa' (Rabbii tole jechuu) n masakamuu.
3. Shirkiim (Rabbitti yagutoomsuu) fi warra isa hojjetanirraa qulqullaayuu.

*Islaamummaa waliigalaa:*

Islaamummaa walii galaa yemmuu jennu karaa Rabbiin godheen isa gabbaruu yoo tayu, Rabbiin ergamtoota erguu irraa jalqabee hanga guyyaa qiyaamatti kan jiru jechuu dha.

*Islaamummaa bifa addaatiin:*

Islaamummaa bifa addaatiin jechuun ammo waan ergamaan Keenna Nabi Muhammad صلى الله عليه وسلم qofti ergamaniin jechuu keenna.

❋ ❋ ❋

## Utubaalee Islaamaa

*Isaanis Shani;*

*1ffaa-Shahaadaa lameen.*

Shahaadaa jechuun Ragaa bahuu jechuudha, jechi isiitis kana *"Ash hadu an laa ilaaha illallaahu, wa ash hadu anna muhammadan Rasuulullaah"* haqaan gabbaramaan Allah malee hin jiru jedhanii Ragaa bahudha. Akkasuma Nabi Muhammad ﷺ ergamaa isaati jedhanii dhugaoomsuu dha.

*2ffaan-Salaata dhaabuu.*

Kana jechuun halkanii guyyatti yeroo shan salaatuu dha. Seraa fi akkataa isii guutanii, baratanii, tolchanii salaatuu dha.

Salaanni sadarkaan (mindaan isaa) haalaan guddaa dha. Kanarratti Rabbiin S.W Qur'aana keessatti akkana jedha "Salaata dhaabi, Salaanni badii fokkattuu fi jallina jibbamarraa Nama dhoowwiti".

Ammas salaanni utubaa Islaamaati namni isa dhaabe amantii isaa Islaama dhaabee jira.

kan salaata diige (Dhiise) amantii isaa diigee jira.

Ammas salaanni dura waan namni guyyaa qiyaamaa irraa gaafatamuuti, isiin tollaan hojiin isaa hundi toltee fudhatama argatti. ammoo yoo isiin ir'atte hojiin isaa hundi bu'aa dhabdi. Akkasuma salanni ifaadha.

*3ffaan-Zakaa baasuu.*

Kana jechuun qabeenya qabnurraa waggatti harka beekamaa tahe kan seeraan taa'e tokko hiyyeessaa kennuu (gargaaruu) jechuudha. Fakkenyaaf:-maallaqa bilchoofii meeshaalee daldalaa irraa 2.5% baasuu, midhaaniifii oomisha qonnaa irraa 10% akkauma beyladoota akka gaalaa, horii, re'eefii hoola irrayis herrega seeran taa'e baasuudha.

*4ffaa-Ji'a Ramadaanaa soomanuu.*

Kana jechuun waggaa waggaan baatii Ramadaanaa soomanuu jechuudha.Guyyaa fajrii barii irraa kaasee hanga aduun seentutti- ibaadaa Rabbii itti niyyatanii-nyaata, dhugaatii, qunnamtii saalaa godhurraa uf-qabuu wantoota biro kan seerri Islaamaa kaaye (agabuu ooluu) jechuu dha. kanaan Rabbi gabbaruu jechuudha. Yeroo kana toltuu akka zikrii, sadaqaa, qaraatii qur'aanaa, du'aaii' salaata sunnaa, fii kkf heddumeysuu barbaachisa.
Akkuma san hamtuu fii dilii gosa hundarraawuu fagaachuudhaan towbaa heddumeysanii uf qulqulleysuun barbaachisaa dha.

*5ffaa-Hajjii mana Rabbii makkaatti godhuu.*

Kana jechuun Namni dandeeyti humna diinagdee qabu martinuu umrii isaa keysatti yoggu takka kara biyya makkaa deemee dhaqee sirna ibaadaa hajji godhuu jechuu dha. Kunis fadlii sadarkaa guddaa qaba.

Utubaa Islaamummaa bakka 2tti qoodnee laaluu ni dandeenna.

1ffaa: Utubaa ijaarri isa malee hin dhaabanne (Utubaa Hundee): waa 2 (lama) of jalatti hammata:

1. Shahaadaa lameeni fi
2. Salaata dhaabuu dha.

2ffaa: Utubaa ijaarri isa malee hin guuttamne: isaanis waa 3 (sadih)

1. Zakaa kennuu
2. Ji'a Ramadaanaa soomuu
3. Hajjii godhuu

Kanarratti eegaa Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

قوله صلى الله عليه وسلم: "بنى الاسلام عل خمس : شهادة ان لا إله إلا الله وأن محمدا رسول الله◉ وإقام الصلاة◉ وإيتاء الذكاة◉ وحج البيت◉ وصوم رمضان" (متفق عليه)

"*Islaamummaan waa shan irratti ijaaramte, Rabbiin malee haqatti kan gabbaramu hin jiru jechuu Ragaa bahuu, Mohammed Ergamaa Rabbiti jechuu ragaa bahuu, Salaata dhaabuu, Zakaa kennuu, Hajji godhuu, Ji'a Ramadaanaa soomuu dha." Bukhaarii fi Muslimtu gabaase*

❈ ۞ ❈

## Al-Iimaan

*'Iimaana'* jechuun akka lugaatti waa dhogoomsuu, mirkaneessuu jechuu dha. Hiikkaan Iimaanaa akka warra sunnaa fi Jamaa'atti ammo:

- Qalbiin yaaduu
- Arrabaan dubbachuu
- Qaaman dalaguu
- Kan xaa'an (Rabbi tole jechuun) dabalu
- Diliidhaan kan hir'atu.

## Utubaa Iimaanaa

Iimaanni waa jaharratti ijaarame. Isaanis:

1. Allahitti (Rabbitti) amanuu
2. Malaaykaa isaattis amanuu,
3. Kitaabban isaattis amanuu
4. Ergamtoota isaattis amanuu,
5. Guyyaa qiyaamaatti amanuu,
6. Murtii Rabbiitti amanuu jechuu dha.

Mee qabxii tokko tokkoon haa ilaallu

### *1. Rabbitti Amanuu:*

Waa afur of jalatti hammata

1. Rabbi jiraachutti amanuu
2. Rabbummaa isaatti amanuu
3. Ilaahiyyummaa isaatti amanuu
4. Maqaa fi sifa Isaatti amanuu

### *2. Malaa'ikatti amanuu:*

Qabxiin kunis waa afur of jalatti qabata.

1. Malaa'ikaan jiraachuu isaanitti amanuu
2. Warren maqaa isaanii beeknutti amanuu (fknf Jibriil) warren maqaa isaanii hin beyne ammoo duuchamaan itti amanna.
3. Sifa isaanii waan beynetti amanuu

4. Dalagaa isaan hojjetaniin ajaja Rabbiitin ta'uu amanuu

### *3. Kitaabban isaatti amanuu:*

Waa afur of jalatti hammata

1. Kitaabonni kunniin dhugumaan Rabbi biraa bu'an jennee amanuu
2. Kitaabota kanneen keessaa kan maqaa isaanii beknutti amanuu (fknf Tawraat, injiil , Qur'aana)
3. Oduu keessa jiratti amanuu kan akka Qur'aanaa akkasumas kitaabota dabran keessaa kan hin jijjiiramnetti, kan shar'aadhan nu gahetti amanuu
4. Murtii isaanii kan hin haqamnettii hojechuu, jaalalaan fudhachuu, hikmaa isaa beeknuu beekuu dhabnuu, kitaabonni duraa hunduu Qur'aanan haqamanii jiran.

### *4. Ergamtoota isaatti amanuu:*

Waa afur of jalatti hammata.

1. Ergamni isaanii Rabbiin biraa kan tahee fi haqa tahuu, namni Ergamaa tokkotti kafare hundattuu kafare.

2. Ergamtoota maqaa isaanii beknutti amanuu, kan akka (Muhammad, Ibraahim, Musa, Iisaa, Nuuhin) nageenyi isaan hundarratti haa jiraatu.
3. Oduu isaan irraa dhufuun sirrii tayetti amanuu
4. Kan gama keenya ergame, Nabi Muhammadiin ﷺ Shar'iaa isaatti dalaguu, inni Ergamaa ilma namaa cufaaf ergame akkasuma xumura Ergamtootaati.

***5. Guyyaa Qiyaamatti amanuu:***

Waa sadih (3) of jalatti qabata

1. Guyyaa kaafamaati amanuu
2. Herregaa fi mindeeffamatti amanuu
3. Jannataa fi jahannamitti amanuu

Guyyaa Aakiraatti amanuun waan du'a booda dhufu hundatti amanuu sanirraa; (Cinqii qabrii, fi qananii qabrii keessaa) hunda hammachuu danda'a.

***6. Murtii Rabbiitti (Qadaratti) amanuu:***

Waa afur of jalatti qabata.

1. Rabbiin tokko tokkoo fi walii galaanis waa hunda beekaa ta'uu isaa amanuu.
2. Kana hundaa Rabbiin 'Lawhal Mahfuuz' keessatti barreessuu amanuu.
3. Wanti hunduu ajaja isaatin malee dalagamuu dhabuu amanuu

4. Wanti hunduu sifaan (akkaataa isaatin), sochiinii fi zaatattis kan uumaa Allaah ta'uu isaa amanuu.

Ragaan kanaa Rabbiin Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿۞ لَّيْسَ الْبِرَّ أَن تُوَلُّوا وُجُوهَكُمْ قِبَلَ الْمَشْرِقِ وَالْمَغْرِبِ وَلَٰكِنَّ الْبِرَّ مَنْ آمَنَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ وَالْمَلَائِكَةِ وَالْكِتَابِ وَالنَّبِيِّينَ﴾(البقرة١٧٧)

*"Dalagaan gaariin fuula keessan gara bahaa fi dhihaa gara galchuun (naannessuunii) miti, haa ta'u toltuun (dalagaan gaariin) Nama Rabbitti, guyyyaa qiyaamatti, malaa'ikootatti, kitaabotaattii fi Nabiyyootatti Kan amane". (Al Baqara 177)*

Ayaa biroo keessattis Rabbiin akkana jedha:

﴿إِنَّا كُلَّ شَيْءٍ خَلَقْنَاهُ بِقَدَرٍ﴾ (القمر٤٩)

*"Nuti Waan hundaa hamma murtaa'een (Qadaraan) isa uumne"* (Suuraa Al-Qamar 49)

Hadiisa irraa ammoo Yemmuu jibriil Rasuula gaafate Iimaanarraa naa himi? *'Iimanaa jechuun Rabbitti, malaa'ikatti, kitaabotatti, Ergamootatti, Guyyaa aakiratti, Qadaratti gaarii ta'uu badaa tahuu amanuu dha.'* Jedhaniin (Muslimtu gabaase)

❋ ۞ ❋

# Al-Ihsaan

Ihsaana jechuun akka lugaatti faallaa badiiti. Akka shar'aatti ammo Rabbiin ifattis dhokatanis eeggachuu (sodaachuu) jechuu dha.

***Utubaa Ihsaanaa:***

Ihsaanni Utubaa tokkocha qaba. Innis

((أن تعبد الله كأنك تراه فإن لم تكن تراه فإنه يراك))

*'Akka waan Rabbiin argitutti Rabbiin gabbaruu, yoo kan ati hin argine tahe innuu si arga.'*

***Qooda Ihsaanaa:***

*Bakka lamatti qoodama.*

1. Gama Uumamaa tola ooluu

Waa 4 of jalatti hammata.

- Dunyaa (Qabeenya) keessatti
- Kabajaa (sadarkaa) keessatti
- Beekumsa (Ilmii) keessatti
- Qaama keessatti tola oolu dha.

2. Qoodni lammataa Gabbariinsa Uumaa keessatti tola oolu dha. Kunis sadarkaa lama qaba.

1. Sadarkaa Rageessuu- (akka Rabbiin argaa jirtutti gabbaruu)-sadarkaa isa guddaa dha.
2. Sadarkaa isa sodaachuu fi na arga jechuu (yoo kan ati hin argine ta’e, innuu si arga). Hadiisa Muslim gabaase.

Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿إِنَّ اللَّهَ مَعَ الَّذِينَ اتَّقَوا وَّالَّذِينَ هُم مُّحْسِنُونَ﴾ النحل ١٢٨

*“Dhugumatti, Rabbiin warra Isa sodaatanii fi warra toltuu hojjatan wajjiin jira”* Suuraa An-Nahlii 128

Akkasuma jecha Rasuulaa صلى الله عليه وسلم yemmuu Jibriil Ihsaana irraa gaafatee: “Akka waan Rabbiin argitutti Rabbiin gabbaruu, yoo ati hin argine tahe innuu si arga” Muslimtu Gabaase.

❋ ۞ ❋

# Walitti Dhufeenya Islaamaa, Iimaanaa fi Ihsaanaa

1[ffaa]:-Yoo qabxiiwwan kunniin sadan iddo tokkotti dubbatame qabxiiwwan hundaafuu hiikaa adda ta'eetu jiraaf:

**Islaama** yoo jennu:-

Dalagaa mul'achuu danda'u jechuu keenna

**Iimaana** yoo jennu:-

Beekumsa geybii (fagoo) jechuu keenna

**Ihsaana** yemmuu jennu ammo:

Sadarkaa isa guddaa amantii (diinii) jechuu dandeeyna.

2[ffaa]: Yoo qabxiiwwan kana adda addaatti ilaalle ammo

*Yoo Islaama adda addatti kaafne, Iimaannis isa kessa seena, yoo Iimaana addatti kaafne Islaamnis achi keessa seenuu ni danda'a. Yoo Ihsaana addatti dubbanne ammo Islaamnis Iimaannis kana jalatti walitti qabamuu ni danda'a.

# Ibaadaa

‘***Ibaadaa***’ jechuun maal jechuu dha? Akka hiikkaa Afaanitti gadi jechuu, gadi of qabuu yemmuu ta’u, akka shari’aatti ammoo maqaa walitti qabaa waan Rabbi jaalatu hunda, jecharraa dalagarraa Kan dhoksaa fi kan ifaan dalagnus jechuu dha.

***Utubaa Ibaadaa:***

Utubaan ibaadaa bakka 3tti qoodama.

1. Jaalala ( المحبة)
2. Sodaa (الخوف)
3. Kajeellaa (الرجاء)

***Ulaagaa Ibaadan qeebalamuun:***

Gabbartiin (Ibaadan) tokko Rabbiin biratti fudhatama argachuuf Ulaagaa lamaatu jiran.

1. Qulqulleessuu (الإخلاص) Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَمَا أُمِرُوا إِلَّا لِيَعْبُدُوا اللَّهَ مُخْلِصِينَ لَهُ الدِّينَ﴾ (البينة ٥)

*“Rabbiin qofa gabbaruu, qajeelanii Ibaadaa (amantii) Isa qofaa qulqulleessuuf malee homaa hin ajajamne”* (Suuraa Bayyinaa 5)

2. Hordoffii Rasuulaa ﷺ qabaachuu Hadiisa keessatti Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((من عمل عملا ليس عليه أمرنا فهو رد))        (متفق عليه)

*(Namni dalagaa ajajni keenna keessa hin jirre dalage isarratti deebfamaa dha).* Bukhaarif Muslimtu odeesse

**Ibaadaa** bakka **lamatti** qoodnee ilaaluu Ni dandeenya:

1. **‘Ibaadaa kawniyyaa’:** ibaadaa kawniyyaa jechuun ajaja Rabbiitif gadi qabamuu dha, kunis tan namni hunduu, kaafira muslima, munaafiqa, faajira, osoo hin jedhin hundaa walitti qabu jechuu dha.

Rabbiin Qur’aana keessatti:

﴿إِن كُلُّ مَن فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ إِلَّا آتِي الرَّحْمَٰنِ عَبْدًا﴾ (مريم ٩٣)

*“Wanti samii fi dachii keessa jiran hundi gabra (Isaa) qofa ta’anii gara Rahmaan dhufan malee hin hafan”* (Suuratu Maryam 93)

2. **Ibaadaa shar’iyyaa**: Ibaadaa shar’iyyaa jechuun kan muslimni, mu’uminni qofti Rabbii fi Rasuula tole jedhee ittiin Rabbi gabbaru jechuu dha.

﴿وَعِبَادُ الرَّحْمَنِ الَّذِينَ يَمْشُونَ عَلَى الْأَرْضِ هَوْنًا﴾ (الفرقان ٦٣)

*“Gabroonni Rahmaan isaan suutan dachii irra deeman”* (Al- Furqaan 63)

# Tawhiida Ibaadaa Keessatti Utubaa Baay'ee Barbaachisaa Ta'e

Dalagaa ta'e haa ta'uu ibaadaa (gabbartii) jedhamee waamamee Rabbiif taasisuun ibaadaa jedhama, kan birootif dabarsanii taasisisuun shirkii ta'a. Kanarratti ragaa baay'etu jira.

﴿ وَاعْبُدُوا اللَّهَ وَلَا تُشْرِكُوا بِهِ شَيْئًا ۖ ﴾ (النساء ٣٦)

*"Rabbiinis Gabbaraa, Isattis homaa hin qindeessinaa."* (An-nisaa' 36)

﴿ وَقَضَىٰ رَبُّكَ أَلَّا تَعْبُدُوا إِلَّا إِيَّاهُ وَبِالْوَالِدَيْنِ إِحْسَانًا ۚ ﴾ (الإسراء ٢٣)

*"Gooftaan keetis akka isin isa malee waa takka hin gabbarree fi haadhaa fi Abbaa keessanitti akka tola ooltan Murteess*e jira" (Al-Israa'I 23)

﴿ قُلْ تَعَالَوْا أَتْلُ مَا حَرَّمَ رَبُّكُمْ عَلَيْكُمْ ۖ أَلَّا تُشْرِكُوا بِهِ شَيْئًا ۖ ﴾

(الانعام ١٥١)

*"Jedhi: Koottaa! Waan gooftaan keesan isinirratti Haraama godheen isin irratti dubbisaa (qara'aa), isatti waa qindeessuu dhiisuu"* (Al-An'aam 151

***Fakkenyan haa ilaallu:***

- Kadhaan Ibaadaa dha ⇒ kan biraatif dabarsuun Shirkii
- Sodaan Ibaada dha ⇒kan biraatif dabarsuun shirkii
- Qalmi (gorraasan Ibaadaa) dha ⇒ kan biraatif dabarsuun shirkii
- Qodhaan (Nazriin) Ibaadaa dha ⇒kan biraatif dabarsuun shirkii

## Akaakuwwan Jaalalaa

Jaalalli bakka Afuritti qoodama, isaanis:

1. ***Ibaadaa* (gabbartii):** kana jechuun jaalala Rabbiif qaban ibsa. Akkasuma waan Rabbiin jaalatu jaalatuu dha.

﴿وَالَّذِينَ آمَنُوا أَشَدُّ حُبًّا لِّلَّهِ﴾ (البقرة ١٦٥)

*"Isaannan amanan irra Rabbiin jaalatu"* (Baqara 165)

Warri (Rabbitti) amanan Rabbiin irra jaalatan

2. ***Shirkii***: kuni ammoo Rabbiin malee kan biraatif of xiqqeessun jaalachuu, waan sanaaf gadi jechuu, waan Rabbiif malee hin hayyamamne dalaguu jechuu dha.

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:
﴿وَمِنَ النَّاسِ مَن يَتَّخِذُ مِن دُونِ اللَّهِ أَندَادًا يُحِبُّونَهُمْ كَحُبِّ اللَّهِ﴾

(البقرة ١٦٥)

*"Namoota irraa Nama Rabbiin ala gabbaramtoota biraa kan akka Rabbiin jaalatanitti isaan jaalatan, godhatantu jiru"* (Al- Baqara 165)

3. ***Dilii (Ma'asiyaa :)***

Kuni ammoo kan akka dilii (ma'asiyaa), Bidi'aa waan haraamaa jaalachuu fa'a.

Ragaan jecha Rabbiti:

﴿إِنَّ الَّذِينَ يُحِبُّونَ أَن تَشِيعَ الْفَاحِشَةُ فِي الَّذِينَ آمَنُوا لَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ ۚ وَاللَّهُ يَعْلَمُ وَأَنتُمْ لَا تَعْلَمُونَ﴾ (النور١٩)

*"Dhugumatti, isaan gochi fokkataan isaan amanan keessatti tamsa'uu jaallatan, isaanif addunyaa fi aakiraa kessatti adaba laalessaa ta'etu addunyaa fi aakiraa kessatti adaba laalessaa ta'etu isaanif jira.Rabbumatu beeka, isin hin keektan"* (Annuur 19)

***4. Jaalala waliigalaa kan uumaa:***

Kana jechuun jaalala akka ijoollee ofii jaalachuu, warra ofii, Nafsee ofii jaalachuuti. Kuni ammo waan rakkoo qabuu miti.

Kanas ragaan jecha Rabbii ol-taheet:

﴿زُيِّنَ لِلنَّاسِ حُبُّ الشَّهَوَاتِ مِنَ النِّسَاءِ وَالْبَنِينَ وَالْقَنَاطِيرِ الْمُقَنطَرَةِ مِنَ الذَّهَبِ وَالْفِضَّةِ وَالْخَيْلِ الْمُسَوَّمَةِ وَالْأَنْعَامِ وَالْحَرْثِ ۗ ذَٰلِكَ مَتَاعُ الْحَيَاةِ الدُّنْيَا ۖ وَاللَّهُ عِندَهُ حُسْنُ الْمَآبِ﴾ (آل عمران١٤)

*"Namootaf jaalalli wantoota lubbuun isaanii feetu kan dubartootaa fi ilmaan irra warqee fi meeta kuufamaa irraa, faradoo miidhagfamte, horii fi dachee qonnaaf mijooftu irraa ta'e miidhagfamee jira, kuni meeshaa jireenya dunyaati. Rabbiin immoo isa bira deebii bareedatu jira".* (Suuraa Aala Imraan 14)

❈ ۞ ❈

## Sodaa

Sodaa jechuun waan nama miidhuu fi badii namarraan gahuu danda'u irraa yoo ta'u, waan namarratti rakkoo fiduu danda'u tokko of-eegun sochiin taasifamu sodaachuu jedhama.

***Bifa Sodaa:***

1. ***Shirkii Guddaa:***

Kuni sodaa dhoksaa (iccitii) ti, waan Rabbiin malee wanti biraa godhuu irratti dandeetti hin qabaanne tokko sodaachuu jechuu dha.

Rabbiin Qur'aanaa keessatti akkana jedha.

﴿فَلَا تَخَافُوهُمْ وَخَافُونِ إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ (آل عمران ١٧٥)

*"Yoo Mu'imintoota taatan isaan hin sodaatina na sodaadhaa"* (Aali Imraan 175)

2. ***Kan Haraama ta'e:***

Kana jechuun ammoo Sodaa namaatii jecha waajiba (dirqama) dhiisanii haraama waan dhoorgame dalaguu jechuu dha.

Ragaan kanaas jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿فَلَا تَخْشَوُا النَّاسَ وَاخْشَوْنِ﴾ (المائدة ٤٤)

*"Namoota hin Sodaatinaa; Ana Sodaadhaa"* Suuratul Al-Maa'idaa 44

### *3. Kan Hayyamamu:*

Bifni sodaa kun soda uumamaati kan akka Leencaa, diina ofii sodaachuu faa, mootummaa jallataa sodaachuu faa fi kan kana fakkaatan of jalatti hammata.

﴿فَأَصْبَحَ فِي الْمَدِينَةِ خَائِفًا يَتَرَقَّبُ﴾ (القصص ١٨)

*"Magaalattii keessatti (Muusaan) of eegataa ta'ee bariisifate"* Al-Qasas 18

### *4. Ibaadaa :*

Kuni Sodaa Allaahiiti, isaa shariika (waahela) hin qabnee. Ragaan jecha Rabbii ol-taheeti:

﴿وَلِمَنْ خَافَ مَقَامَ رَبِّهِ جَنَّتَانِ﴾ (الرحمن ٤٦)

*"Nama fuulduree Gooftaa isaa dhaabbachuu sodaateef Jannata lamatu jira"* Ar-Rahmaan 46

***Akaakuuwwan Rabbirraa Sodaatuu:*** *lama, isaanis:*

***1. Faarfamaa***

Kun jidduu keeti fi jidduu ma'isiyaa yookin Rabbiin diduu haguuga, Kan haraama nama dhiisisu, kan waajiba ammoo nama dalagasiisu jechuu dha.

***2. Kan faarfamaa hin ta'in***

Kun ammoo kan rahmata Rabbiitirraa garaa nama kutachiisu.

## Kajeellaa

Kajeellaa (الرجاء) jechuun waan bareedaa jaalatamaa taye tokko abdiin eeguu jechuu dha.

Bakka Sadihitti qoodama, Isaanis:

1- ***Kajeellaa Ibaadaa***: kajeellaa ibaadaa jechuun Rabbi tokkicha kan shariika hin qabne kajeeluu jechuu dha. Innis bakka lamatti qoodama.

   a- ***Kajeellaa Faarfamaa***: Rabbiin tole jechuu fi dalagaa ibaadaa waliin wal qabatee dha.

   b- ***Kajeellaa Jibbamaa:*** Kun ammoo dalagaa fi ibaadaa malee akkanumatti Rabbiin kajeeluu fi abdachuu dha.

2- ***Kajeellaa Shirkii:*** kajeellaan akkanaa kun waan Rabbiin malee wanti biraa hin dandeenne qaama biraa irraa kajeeluu dha.

3- ***Kajeellaa Uumaa***: kajellan akkanaa kun ammoo waan namni tokko dhuunfatu yookin irratti dandeettii qabu kajeeluu jechuu dha. Fakkeenyaf nama tokkoon 'akka dhuftu abdiin qaba' yoo jettu.

***Ragaan Kajeellaa Qur'aana irraa:***

Rabbiin Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿فَمَن كَانَ يَرْجُو لِقَاءَ رَبِّهِ فَلْيَعْمَلْ عَمَلًا صَالِحًا وَلَا يُشْرِكْ بِعِبَادَةِ رَبِّهِ أَحَدًا﴾ [الكهف: ١١٠]

*"Namni gooftaa isaatin wal-gahuu sodaatu (kajeelu) dalagaa gaarii haa hojjetu, Gooftaa isaa gabbaruu keessattis eennullee hin qindeessin"* (Al-Khaf 110)

## Tawakkula (Rabbitti Hirkachuu)

‘Tawakkula’ jechuun waan tokkotti hirkachuu, garagaluu jechuu dha. Tawakkula jechuun qalbii ofii Rabbii tokkichatti garagalchuu dha.

***Tawakkula Shari’aan hayyamame***

Waa sadi of keessatti qabata:

1. Rabbi irratti Hirkachuu, hirkannaa isa qulqulluu dhugaa ta’e
2. Rabbitti amanuu, of kennuu wanti hunduu Harka Rabbii jiraachuu amanuu
3. Sababa hayyamame dalaguu

**Qooda Tawakkulaa:**

Tawakkulli bakka 3tti qoodama

***1. Tawakkula ibaadaa:***

Rabbii tokkicha waahela (shariika) hin qabnetti hirkachuu

***2. Tawakkula Shirkii***

Tawakkula shirkii jechuun waan Rabbiin qofa malee wanti biroo hin dandeenye keessatti Rabbiin dhiisanii waan biraatti hirkachuu jechuu dha.

Kan akka sababaawwan hundarrattuu yookin garii isaa irratti hirkachuuti.

### *3. Tawkiil:*

Tawkiil jechuun ammoo nama ta'e tokko bakka buusun waan dalaguu danda'u tokko dalaguu jechuu dha kunis heyyamamaa dha. Garaagarummaan Tawakkulaa fi Tawkiilaa: Tawakkula jechuun dalagaa qalbii dhokataa ta'e dha. Tawkiila jechuun ammoo dalagaa mul'ataa dha.

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿وَعَلَى اللَّهِ فَتَوَكَّلُوا إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ (المائدة ٢٣)

*"Yoo mu'iminoota taatan Rabbiin irratti Hirkadhaa"* (Al-Maa'idaa 23)

❋ ۞ ❋

# Kadhaa

Kadhaan yookiin Du'aa'iin Ibaada dha: kadhaan irra guddaa barbaadamaa ibaadati. Kunis jecha Rasuulli صلى الله عليه وسلم akkana kedhaniif:

((الدعاء هو العبادة)) رواه الترمذى

*"Kadhaan Ibaada dha*". (Tirmizitu gabaase)

RabbIinis Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿وَأَنَّ الْمَسَاجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا مَعَ اللَّهِ أَحَدًا﴾ (الجن:١٧)

*"Masjidoonni kan Rabiiti, Rabbiin Waliin homaa hin waamatinaa (Hin Kadhatinaa)" (Al Jinn: 17)*

***Qoqqodama Ibaadaa:*** *Bakka 2tti qoodama*

1. ***Kadhaa Ibaadaa:***

Kana jechuun dalagaa hunda Kan gabrichi ittiin Rabbiin gabbaru jechuu dha. Fakkeenyaaf Salaata, Hajjii, Sadaqaa, soomana.

Sababni du'aayi (kadhaa) jedhameen akka waan yoo gabrichi ibaadaa kanneen dalage Rabbirraa Rahmata, jannata barbaaduti.

### 2. *Kadhaa Gaafii:*

Kana jechuun ammoo waa gaafachuu, kadhachuu jechuu dha. Fakkeenyaaf: Yaa Rabbi rahmata naa godhi, yaa Rabbi naa araarami jedhanii faa kadhachuu dha.

### 3. *Kadhaa Rabbiin malee:*

Kadhaa ibaadaa Rabbif malee qaama birootif dabarsanii kennuu jechuu dha. Namni kana godhe ammoo mushrika kaafira jedhama.

﴿وَمَن يَدْعُ مَعَ اللَّهِ إِلَٰهًا آخَرَ لَا بُرْهَانَ لَهُ بِهِ فَإِنَّمَا حِسَابُهُ عِندَ رَبِّهِ ۚ

إِنَّهُ لَا يُفْلِحُ الْكَافِرُونَ﴾ (المؤمنون١١٨)

*"Namni Rabbiin wajji osoo ragaa isarratti hin qabne gabbaramaa biraa kadhatu (Gabbaru) qormaanni isaa Isa (Allaahin) bira jira. Dhugumatti warri kafaran hin milkaa'an"* (Al-Mu'uminuun 118)

✲ ✲ ✲

# Ruqyaa

'Ruqyaa' jechuun zikriiwwan, du'aa'iwwan nama dhibame tokko irratti qara'uu jechuu dha.

***Akaakuu Ruuqyaa:***

Ruqyaan bakka lamatti qoodama.

1. Ruqyaa hayyamamaa
2. Ruqyaa dhoorkamaa

***1. Ruqyaa Hayyamame:***

Akka walii gala Ulamaa'aatitti Ruqyaan hayyamame ulaagaa sadi of keessatti hammachuutu irra jiraata.

1. Lugaa Arabii ifa galaa tahuu fi kan hiikkan isaa beekkamu ta'uu qaba.
2. Jecha ykn sifaa fi Maqaa Rabbiitin tahuu qaba.
3. Irkannaa guutuu itti hirkachuu dhabuu, Ruqyaan tun homaa hin fayyaddu ajaja Rabbiitin malee jedhanii amanuu fa'aa dha.

***2. Ruqyaa Dhoorkame:***

Ruqyaa dhoorkame jechuun kan ulaagaa armaan olii tokko yookin hedduu isaa keessaa hin guuttatini.

Waayee Ruqyaa ilaalchisee Ragaan Hadiisa irraa akka armaan gadiiti:

((إن الرقى والتمائم والتولة شرك)) رواه أحمد وأبو داود

Jecha Rasuulaa ﷺ: *'Ruqyaa irraa akkasuma waa fannifachuu fi namoonni akka wal jaalatan ykn waljibban godhuun Shirkii (yagutomsuu) dha.'*

((اعرضوا على رقاكم, لا بأس بالرقى ما لم يكن فيه شرك))

رواه مسلم

Rasuulli ﷺ ammas akkana jedhan:

"*Yoo shirkiin keessa hin jiraatin Ruqyaa keessan natti fidaa, Rakkoo hin qabu*" jedhan. Muslimtu gabaase.

❋ ۞ ❋

## Tamaa'ima

Tamaa'ima jechuun waan ija irraa of qabuuf daa'imatti waa fannisuu dha.

***Qoqqoodama isaa:***

Bakka lamatti qoodama

***1. Tamaa'ima Qur'aanaa fi Du'aa'ii Rasuulli himan irraa***

Bifni akkanaa kun dhoorkamaa dha. Sababni isaa waa sadi waan of keessatti qabateef.

A. Walumaa galatti waa rarraafachuun waan dhoorkaa ta'eef
B. Waan haraama ta'e hin heyyamamne akka hin rarraafanneef karaa cufuuf
C. Waan yeroo mana fincaanii seenan qormaataf yookin rakkoof nama saaxiluu danda'uuf

***2. Waan Qur'aana fi du'aa'ii hin taane rarraafachuu***

Waan akka maqoota jinnii, sheyxaanaa, kuun ammoo waan waa wal-keessa diddiree waan namaa hin galle rarraafachuu dha. Kun ammo Rabbiin malee waan jirutti rarra'uu waan tayeef shirkii waan of keessaa qabuuf gonkumaa haraama ta'a.

Walumaa galatti, Qur'aanarraa haa ta'uu waan birootirraa haa ta'uu waa rarraafachuun gonkumaa haraama ta'a. Yoo Qur'anarraa hin ta'in inumaahuu haraamaa fi Shirkii of keessatti qabata.

Ragaan isaa jecha Rasuulaati ﷺ:

((إن الرقى والتمائم والتولة شرك)) رواه أحمد وأبو داود

Jecha Rasuulaa ﷺ: *'Ruqyaa irraa akkasuma waa fannifachuu fi namoonni akka wal jaalatan ykn waljibban godhuun Shirkii (yagutoomsuu) dha.'*

## Tabarruka

'Tabarruka' ykn barakaa barbaaduu jechuun waan ta'e tokko irraa waa argadha jedhanii isarraan keyrii tokko barbaaduu jechuu dha.

***Qoqqodama Tabarrukaa:***

Tabarrukni (Barakaa barbaadun) iddoo 2tti qoodama.

Dhoorkamaa fi Hayyamamaa

***1 ffaa: Barakaa barbaaduu (Tabarruka) Hayyamamaa:***

1. Waan qaama Rasuulatirraa ﷺ baheeni fi Zaata Nabiitin barakaa barbaaduu

Kun yemmuu isaan Lubbuun jiranitti daangeffama dha.

2. Jechaa fi dalagaa Shar'aan hayyamametti barakaa barbaaduu. Kanaan yoo barakaa barbaadan barakaa fi keeyritu namaa argama. Fakkeenyaf: Qur'aana qara'uu, Rabbiin Zakkaruu (yaadachuu), iddoo Ilmiin baratamutti argamuu faa dha.
3. Iddoo Rabbiin Barakaa keessa kaahen barakaa barbaaduu

Fakkeenaf Masjidoota, Biyyarraa kan akkaa Makkaa fi Madiinaa, Biyya Shaam fa'aa dha. Barakaa barbaaduu yoo jennu: eddoo kannenitti ibada dalaguu,

waan Rabbi Ajajeen keyrii dalaguu yoo ta'u utubaa isaatini fi '*jidaaran*' haqachuun dhoorkamaa dha.

4. Yeroowwan Rabbiin sadarkaa fi caalumsaan adda baase keessa barakaa barbaaduu Kan akka ji'a Ramadaanaa, Kurnan ji'a zulhijjaa, leylatul-qadriin, tokko sadaffaa halkan gara dhumaa faa kaasuu ni dandeenna. Barakaa barbaadun karaa Rabbi Hayyameen keyrii hojechuu guddifachuu dha.
5. Nyaata Rabbiin barakaa keessa kaahen barakaa barbaaduu, Kan akka Zeyt zeytuunaa, dammaa, aananiin, habbata sowdaa, bishaan zamzamaatin barakaa barbaadu dha.

***2ffaa: Barakaa barbaaduu dhoorkamaa ta'e:***

*1. Kan iddoodhaan dhoorkame:*

Fakkeenyaaf jidaara tokko tokkotti, fooddawan ijaarsa tokko tokkotti, utubaa ijaarsaa tuquun (qaqqabuun) akkasuma biyyee isaatin fayyaa arganna jechuun barakaa barbaaduun gonkumaa dhoorkamaa dha.

Qabrii saalihootaaa (Nama gaggaarii) deemanii barakaa barbaadunis akkanuma dhoorkamaa dha. Akkasumas iddoowwan seenaa qaban kan akka iddo dhaloota Rasuula ﷺ, gaara hiraa'a, fi gaara sowrii deemanii barakaa barbaadun hin hayyamamu.

*2. Yeroon (waqtiin) barakaa barbaaduu:*

Yeroowwan shari'aan barakaa qabaatuu isii ibsame tokko qabatanii isa keessatti ibaadaa shari'aan hin ragaasifamne dalaguun, bid'aa hojechuun dhoorkamaa dha.

Yeroowwan shari'aan barakaa qabaachuu isaa karaa hin godhiniin barakaa barbaaduu:

Fakkeenyaaf: Dhaloota Rasuulaa, halkan Rasuulli Israa'aa fi Mi'iraaja itti bahan, halkan cinaa sha'abana, guyyaas ta'e halkan seenaa gurguddaa keessatti argame, kuunniin hunduu dhoorkamaa dha.

*3. Saalihootanii fi faana isaanitin barakaa barbaaduu*

Saalihootanis ta'e ilma namaa birootin barakaa barbaadun dhoorkamaa dha. Haa ta'u malee Nabiin صلى الله عليه وسلم barakaa barbaadun kan hayyamamu yeroma isaan lubbuun jiranitti malee erga dabranii dhoorkamaa dha.

***Barakaan wal-qabatee Hundeelee fi Heerota Baay'ee Yaachisoo tahan:***

- Barakaa barbaadun ibaadaa yemmuu ta'u hanga ibaadan sun hayyamamaa ta'uu ragaa shar'iaa nu barbaachisa.

- Barakaan hunduu Kan barbaadamuu qabdu Rabbuma tokkicharraayi Isaatu Mootii Isaatu kennaa dha Kan birootirraa hin barbaadamtu.
- Barakaa barbaadun waan karaa shar'aatin dhufeen qofa ta'uu qaba. Kana ammoo Mu'umina Rabbiin tokkochoomse malee Kan biraa fayyaduu hin danda'u.
- Barakaa barbaadun waan Islaamummaan nuu hayyamteen qofa ta'a. Kana keessatti waan ummanni duraa (salafni) hin hojjetin fiduun, waan haarawa (bid'aa) argamsiisun dhoorkamaa dha.

## Sababaan wal-qabatee Hundeelee Yaachisoo Barbaachisoo tahan

1. Sababa irratti hirkachuu osoo hin taane kan sababa taasisu (Rabbi) irratti hirkachuu dha. Sababni isaas Isaatu argamsiisa sila ta'eefi.
2. Sababoonni kunniin Murtii fi Qadara Allaahin kan walitti hidhamaa taye beekuu.
3. Karaan sababni ittiin argamu waa lamaani

**1ffaa: Gama shari'aatin waan dhufe:**

Fakkenyaaf: Dammi sababa fayyaa ta'uu;
Rabbiin qur'aana keessatti ragaa isaa dubbatee jira:

﴿فِيهِ شِفَاءٌ لِّلنَّاسِ﴾ (النحل ٦٩)

*"Isa (damma) keessa qorsa ilma namaatu jira."* (Suuratu Al –Nahl 69)

**2ffaa: Karaa Muxannootinii fi Dandeettiitiin:**

Fakkeenyaf: Ibiddi waa gubdi. Garuu karaa muxannootin ibiddi akka waa gubdu akka sababa taate erga kallattiin arganii dhugoommsuu danda'u. Yoo hin argin jecha dhogoomsuu hin dandeenne akkanumaan homa hin jirre yaamachuu ta'a kan akkaa fakkii nama ija narraa deebisa jedhanii waa fannifatuu ta'a jechuu dha.

## Tawassula

Tawassula jechuun akka lugaa arabiitti waan tokko sababa godhatee wahitti dhihaatuu. Kanaafuu Tawassula jechuun Rabbi Guddaatti dhihaacchuf sababaa shari'aa kaayame taasifachuu jechuu dha.

***Tawassulli bakka lamatti qoodama***

1. Tawassula Hayyamamu
2. Tawassula dhoorkamu

Mee dura tawassula hayyamamu haa ilaallu

***Tawassula Hayyamamu:***

Tawassulli hayyamamaan bakka 3tti qoodama

1. Maqaa ykn sifa Rabbii ol-taheetiin tawassula godhuu.
2. Dalagaa gaarii dalaganii dabarfataniin tawassula tahuu
3. Kadhaa (du'aa'ii) nam-gaarii tokkoon tawassula tahuu

***Tawassula Dhoorkamaa:***

Tawassula dhoorkamaa yemmuu jennu qooda sadan armaan olitti eerame kanniin Kan of keessaa hin qabne jechuu dha. Kana keessaa

a. Kabajaa (sadarkaa) nam tokkoon tawassula Rabbitti tahuu
b. Kadhaa fi qodhaa (nazrii) Awliyaa fi saalihootaa gochuu
c. Qabrii saalihootaa biratti qaluu, naannoo qabrii qubachuu.

# Rabbiif Malee Qaluu

Qalma jechuun karaa adda ta'e tokkoon kabajaa fi jaalalaa jecha beellada tokko Lubbuu isaa baasuu, dhiiga isaa gadi naquu jechuu dha.

Qooda Qalmaa

Bakka 3tti qoodama

1. Qalma karaa shar'aatin kaayame
2. Qalma hayyamamaa
3. Qalma shirkii (yagutoomsuu)

***1ffaa: Qalma karaa shar'aatin Kaayame:***

Fakkenyaf Kan akka

1. Udhiyaa
2. Qodhaaf (nazriif) qaluu
3. Qalma hadyiif qalamu
4. Hajjiif umraa keessatti fidyaaf qaluu
5. Aqiiqaaf daa'ima dhalateef qaluu
6. Sadaqaa Rabbitti ittiin dhihaatu baasuuf qaluu
7. Kabaja keessummaatiif qaluu

***2ffaa: Qalma hayyamamaa:***

Kan akka:

1. Mana foonii keessatti gurgurtaaf qaluu
2. Nyaachuuf qaluu

***3ffaan: Qalma shirkii ykn yagutoomsuu:***

Kan akka:

1. Taabotaaf qaluu
2. Jinniif qaluu
3. Qabrii fi siidaalee garagaraa irratti qaluu
4. Mana haaraatti galuuf yeroo jedhan Jinnii ofirraa dhoorkina jedhanii qaluu
5. Yeroo fuudhaf heerumaa aruusni lamaan wayta mana seenan dhiiga qalmaa tirra akka deemaniif jecha qaluu
6. Rabbumaaf Osoo qalan, maqaa Rabbii irratti dhahuu dhiisanii Maqaa biroo irratti waamuun qaluu.

***Walumaagalatti:***

- Qalmi Ibaadaa yemmuu ta'u Rabbiif malee qaluun dhoorkamaa dha.
  Ragaan jecha Rabbii guddaati:

﴿قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ﴾

(الانعام ١٦٣)

*"Jedhi; Dhugumatti Salaanni kiyya, ibaadan kiyya, jireenyi kiyyaa fi duuti kiyyas hundi Rabbii Gooftaa Aalamaa qofaafi"* (Al-An'aam 163)

- Rabbi Malee waan biraatii qaluun shirkii guddatti lakkaa'ama. Namni kana dalagus abaaramaa dha.

  Ragaan isaa jecha Rasuulli صلى الله عليه وسلم hadiisa keessatti dubbatani:

  (لعن الله من ذبح لغير الله) (رواه مسلم)

  *"Allaah Nama Raabbin maleef Qale abaare"* (Muslimtu gabaase)

## Rabbiif Malee Qodhaa (Nazrii) Godhuu

Nazrii jechuun akka hiika afaaniitti qodhaa godhuu waa ofirratti dirqama godhuu jechuu yemmuu ta'u akka shari'aatti ammoo Rabbiin tole jechuuf waa of qabsiisanii waan qodhamuuf san guddisuun dalaguu jechuu dha.

- ***Nazriin Ibaada dha:***

Nazriin ibaadaa Rabbii tokkichaaf kan waahela hin qabneef kan ta'uu qabuu dhaa beeki. Waan ykn Nama birootii dabarsanii kennuun Shirkii guddaa dha.

Rabbiin akkana jedha:

﴿يُوفُونَ بِالنَّذْرِ﴾ (الانسان٨)

*Qodhaa (Nazrii) isaanii Ni guutu"* (Al-Insaan 8)

Namni waan birootif nazrii godha jedhee eegu guutun hin heyyamamuuf.

***'Nazriin' yoom shirkii ta'aa?***

Namni tokko Rabbiin Maleef nin dalaga jedhee isa guddisuufii itti dhihaachuf yoo waa of qabsiise, sanirraa fakkeenyaf:

1. Akkana jechuu fa’a; Yoo Rabbiin dhibee dhukkubsataa kiyyaa kana irraa kan naa fayyisuu taate Qabrii ebaluutif hoolaa haganaatu godhamaaf, ykn qarshii hammana kennuu of qabsiise.
2. Yoo ilmi naa dhalate qabrii waliyyii ebaluu biratti qalee nyaachisa
3. Ebaluu Saalihaaif ykn Jinnii akkanaatif qalma sadi qaluu of qabsiise
4. Taabotaaf (sanamaaf ) akkana godha jechuu
5. Aduu ykn ji’aaf qaluu ykn qodhaa godhuu.

- Qabxiin akkanaa kanaafii Kan biroo kana fakkaatus Shirkii ta’a jechuu dha.

# Isti'aanaa, Istigaasaa Fi Isti'aazaa

*Hiikkaan jechoota kanneenii:*

***Isti'aanaa*** jechuun: gargaarsa barbaaduu jechuu dha.
***Istigaasaa*** jechuun: birmannaa barbaaduu, cinqii namarraa akka ka'u kadhachuu jechuu dhaa.
***Isti'aazaa*** jechuun: ammoo itti deebi'iinsa maganfachuu barbaaduu, kadhachuu jechuu dha. Ragaan wantoota kanneen sadeen irratti:

﴿إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ﴾ (الفاتحة ٥)

*"Si Qofa Gabbarra, si qofa irraa gargaarsifanna"* (Al-Faatihaa 5)

﴿إِذْ تَسْتَغِيثُونَ رَبَّكُمْ فَاسْتَجَابَ لَكُمْ﴾ (الانفال ٩)

*"Yeroo isin Rabbii keessan irraa birmannaa barbaaddanii isinii awwaate yaadadhu"* (Al-Anfaal 9)

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ النَّاسِ﴾ (الناس ١)

*"Yaa Muhammad ﷺ jedhi! 'Gooftaa namattiin maganfadha" (An-naas 1)*

***Rabbiin malee waan birootiif gargaarsifannaa, birmannaa fi itti maganfachuu Murtee isaa:***

Bakka lamatti qoodnee ilalla,

1. ***Kan hayyamamu:***

Kunis ulaagaaleen afran armaan gadii yoo guuttaman;

Ulaagaaleen lamaan wanta gargaarsifannaan ykn birmannaan ykn maganfachuun irratti barbaadaman irratti rarra’an:

1. Waan dandeettii Rabbiin adda ittiin bahe irratti tahuu dhabuu.
2. Wanta san Ilmi namaa Kan dandeettii irratti qabu ta’uu qaba.

Ulaagaaleen lamaan waan irratti gargaarsifannaan ykn birmannaan ykn maganfachuun ittiin godhaman irratti rarra’an:

3. Wanti sun lubbuun jiraachuu qaba.
4. Wanti sun nam-bira jiraachuu qaba.

2. ***Kan shirkii ta’e:***

Yoo ulaagaan armaan olitti dubbanne kunniin diigame shirkii ta’a.

❊ ۞ ❊

## Shafaa’aa

Shafaa’aa jechuun akka lugaatti waan wayii lama godhuu faallaa sadihii jechuu dha, akka shari’aatti ammoo jaarsummaa nam-lama jidduu jiddugala ta’anii faayidaa argamsiisuu ykn badii tokko tokkorraa deebisuu jechuu dha.

Shafaa’aa bakka lamatti qoodnee ilaalla:

1. ***Shafaa’aa (Manguddummaa) dhabamsiifamtuu:***

Shafaa’aa dhabamsiifamtuu jechuun waan Rabbiin qofti dandeettii irratti qabu waan birootirraa barbaaduu jechuu dha.

Rabbiin Qur’aana isaa keessatti

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا أَنفِقُوا مِمَّا رَزَقْنَاكُم مِّن قَبْلِ أَن يَأْتِيَ يَوْمٌ لَّا بَيْعٌ فِيهِ وَلَا خُلَّةٌ وَلَا شَفَاعَةٌ ۗ وَالْكَافِرُونَ هُمُ الظَّالِمُونَ﴾ (البقرة ٢٥٤)

*“Yaa warra amantan! Osoo guyyaan bittaa fi gurgurtaan, jaalallee fi manguddummaan isa keessa hin jirre hin dhufin dura waan nuti isiniif kennine irraa kennadhaa. Kaafiroonni isaanumatu miidhaa raawwattoota*” (Al-Baqaraa 254)

2. ***Shafaa'aa (Manguddummaa) Raggaasifamtuu:***

Shafaa'aa raggaasifamtuu jechuun manguddummaa Rabbirraa barbaaduu jechuu dha.

***Ulaagaan isii:***

1. Rabbiin manguddummaa nama godhuuf akka shafaa'aa godhu heyyamuufii
2. Nama manguddummaa godhuufii kan godhamuufis irraa jaalchuu

Ragaan kanarratti;

﴿مَن ذَا الَّذِى يَشْفَعُ عِندَهُ إِلَّا بِإِذْنِهِ ۚ﴾ (البقرة ٢٥٥)

*"Inni hayyama isaatin malee isa biratti araarsu eenyuma?"* (Al-baqaraa 255)

﴿وَكَم مِّن مَّلَكٍ فِي السَّمَاوَاتِ لَا تُغْنِي شَفَاعَتُهُمْ شَيْئًا إِلَّا مِن بَعْدِ أَن يَأْذَنَ اللَّهُ لِمَن يَشَاءُ وَيَرْضَىٰ﴾ (النجم ٢٦)

*"Malaayikoota irraa warra eega Raabbiin nama fedhuuf hayyamee, jaallate malee manguddummaan isaanii homaa hin fayyadne baay'etu samii keessa jiru."* (An-Najm 26)

***Murtee waan lubbuun jiruu fi dandayaa irraa shafaa'aa barbaaduu:***

1. Yoo waan inni danda'u kan shari'aan kaayamee fi heyyamame irraa gaafatte.

Kuni heyyamamaa dha, keyrii waan gaggaarii irratti wal gargaaruutti lakkaa'ama.

2. Waan Rabbi malee wanti biraa hin dandeenne shafaa'aa gaafachuu

Kuni ammoo shirkitti lakkaa'ama.

## Qabrii Ziyaaruu

*Ziyaaran qabrii Sadarkaa saditti qoodama:*

1. ***Ziyaaraa shari'aadhaan hayyamame:***

Kun qabxiiwwan armaan gadii of jalatti qabata:

- Aakiraa yaadachuuf qabrii ziyaaruu
- Warra qabriitin salaama jedhuuf
- Du'aa'ii isaaniif kadhachuuf

2. ***Ziyaaraa Bid'aa (wanta haaraa Islaama keessa hin jirre):***

Ziyaaran bifa akkanaa tun tawhiida nam jalaa dhabamsiifti, karaawwan gara shirkiitti Nama geessu irraayi. Kana keessaa:

- Qabrii biratti ibaadaa niyyatuu
- Qabriin barakaa barbaaduu
- Mindaa (sawaaba) kennuu
- Fe'atanii Gama isii deemuu fi Kan kana fakkaatanii dha.

### *3. Ziyaaraa Shirkii:*

Bifni ziyaaraa kuunniin tawahiida gonkumaa nama jalaa dhabamsiisa. Kunis ibaadaa abbaa qabrii sanaaf gargalchuu jechuu dha. Fakkeenyaaf:

a. Rabbii gaditti waamachuu yookin kadhachuu.
b. Ittiin gargaarsifachuu fi birmannaaf yaamachuu.
c. Qodhaa (nazrii) fi waa qaluufii fa'aa fi kan kana fakkaatanii dha.

# Falfala/Sihrii

Sihrii (falfala) jechuun waan Nama jalaa dhokate, dawaan, qorichaan, bifa barreeffamaa ta'inna, bifa adda addaatin qaama ta'e qalbii namaatirratti fedhii Rabbiitin dhiibbaa Kan namatti fidu jechuu dha.

***Qoqqoodama sihrii ykn Falfalaa:***

Bakka lamatti qoodama

1. ***Sihrii Guddaa:***

Kana jechuun sihrii Jinnii fi Sheyxaana jiddu gala godhatanii, isa gabbaraa isatti dhihaataa akkasuama sujuuda godhaafii akka Nama sihriin (falfalli) taasifamutti dhiibbaa geessu kan godhan jechuu dha.

2. ***Sihrii Diinummaa fi Faasiqummaa:***

Bifni sihrii Kun sihrii dawaan ykn qorichaan taasifamu ta'ee waan namni hojetu dadhabu tokko ija namaatti fakkeessu dha.

***Murtee sihrii:***

Yoo bifni sihrii qooda isa 1ffaatti ilaalle kuni hukmiin (murteen) isaa kaafira, akka nama Islaamumarraa deebi'etti laakkayamee ajjeefama.

Yoo ammo sihriin isa bifa 2ffaa ta'e kaafira osoo hin taane faasiqa, Kan ajaja Rabbii dide jennee fudhanna.

Akkasuma yoo abbaan seeraa/qaadin haa ta'u jedhe hannaa (kijiba, gowwoomsaa) balaaleffachuun ajjeefama,

Ragaan sihriin (falfalli) kufrii tayuu irratti:

﴿وَمَا يُعَلِّمَانِ مِنْ أَحَدٍ حَتَّىٰ يَقُولَا إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ فَلَا تَكْفُرْ﴾

(البقرة ١٠٢)

*"Isaan (malaayikoonni lamaan) nama tokkos osoo hin kafarinaa hin jedhin (sihrii) hin barsiisan"* (Al-Baqara 102)

Namni sihrii dalage, ykn Kan barate ykn Kan itti jaalate kafare, Islaamummarraa bahee jira.

***Murtee sihrii (falfala) hiikuu***

Kanas Bifa lamaan ilaaluun Ni danda'ama

1. ***Falfala Falfalaan hiikuu***

Kun haraama, dalagaa sheyxaanatirraa lakkaa'ama.

2. ***Falfala Du'aayi fi dawaa adda addaatin hiikuu***

Kuni waan hayyamamu rakkoo tokkos hin qabu.

Sihrii kanarraa fagaatun barbaachisa, namallee irraa dhoorkuun dirqama taha. Kuni muslimootaf tola oolutti lakkaa'ama.

***Mallattoolee Nama sihrii hojjatu ittiin beekkan/saaxilan***

*Yoo mallattoo armaan gadii keessaa tokko mul'ate Nama sihrii hojjetu ta'uun beekkamaa dha.*

1. Nama dhibamee itti dhufe kana maqaa isaatif maqaa haadha isaa gaafatuu
2. Waan nama dhibame tokko (shaamizii isaa, surree, abaa'aa) isaa irraa waan wahii kutee irraa fudhachuu
3. Waan hiikkaa hin qabne tokko barreessuu
4. Waan hiikkaa isaa namaa hin galle tokko barreessuu
5. Yemmuu tokko tokko beelada (hoolaa, lukkuu) bifa akkanaa qalaa, maqaa Rabbi Irratti hin waaminaa, jedha. Tarii dhiiga beelada qalamee kana Nama dhibame sanatti dibuun mala, beellada qalame kanas bakka wasakaa tokkotti gataa jedha.
6. Uffata girdoo Nama dhibame kanaa kennuu, Kan keessaa qubeewwan fi lakkoofsi adda addaa jiru, Kan hiikkaan isaa namaa hin Galle.
7. Waan hiikkaan isaa namaa hin Galle gumgumuu
8. Waraqaa ta'e tokko namaa kennee gubanii akka aarfatan taasisuu
9. Waa ta'e tokko dhibamaa kennee akka lafa keessatti awwaalu ajajuu fa'a.

## Raagaa fi Beekaa

* **Raagaa** jechuun waan of fuullee, fuunduratti Dhufu/dhufuuf ta'u tokko karaa sheyxaanaa fi jinniitin dursee Kan namatti himu jechuu dha.
* **Beekaa** jechuun ammoo waan Nama jalaa dhokate tokko ni beeka kan jedhu dha. Fakkenyaf waan Nama jalaa bade, waan Nama jalaa hatame eddoo jiru ni beeka nama jedhuu dha.

**Ilmii geybii (beekumsa fagoo) Nama Nin beeka jedhu:**

Namni beekumsa fagoo ykn ilmii geybii ni beeka ofiin jedhu kafare, sababni isaas jecha Qur'aanaa kijibsiisee jira. Rabbiin Qur'aana keessatti

﴿قُل لَّا يَعْلَمُ مَن فِي السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ الْغَيْبَ إِلَّا اللَّهُ ۚ﴾ (النمل ٦٥)

*'Yaa Muhammed 'wanti samii fi dachii keessaa hunduu Rabbiin malee wanta fagoo (Geybii) hin beeku'* (An-naml 65)

***Akaakuu (qooda) Nama Ilmii geybii ni beeka ofiin jedhuu:***

1. Namni jinni gargaarsifachuun ilmi geybii beeka jedhu: kaahina (raagaa) jedhama

2. Namni dachee irratti waa barreessuun waan fagoo himu (Rammaala) jedhama.
3. Namni karaa urjiitin ilmi geybii ni beeka jedhe: Munajim jedhama.
4. Namni waan badee fi hatame karaa dhoksaatin himu: beekaa (arraafa) jedhama.

*** *Murtee nama Raagaa fi beekaa bira deemuu***

Murtee kana bakka lamatti qoodnee ilaalla

**1**[ffaa]: Nama osoo hin dhugoomsin isaan bira deemee waa gaafatee;

Kuni haraama, dilii gurguddoo irraa yoo ta'u salaatni isaas guyyaa 40f hin qeebalamtu. Rasuulli ﷺ Hadiisa isaanii keessatti akkana jedhan:

((من أتى عرافا فسأله عن شئ لم تقبل له صلاة أربعين يوما والمراد أن صلاته لا أجر له عليها)) (رواه مسلم )

*'Namni beekaa ykn raagaa bira deeme waa isa gaafate, salaatni isaa guyyaa afurtamaaf hin qeebalamtu' Muslimtu* Odeesse

*Kana jechuun Salaanni isaa mindaa tokkos isaa hin agarsiiftu jechuu dha.*

**2**[ffaa]**:** Nama nama Raagu bira deemee wanti inni jedhe dhugaa jedhee itti amanee fudhate.

Murteen kanaa waan Ergamaan Rabbii ﷺ jedhanitti Kafare.

الدليل قوله صلى الله عليه وسلم (من أتى عرافا أو كاهنا فصدقه بما يقول فقد كفر بما أنزل على محمد) (رواه الأربعة والحاكم)

Ragaan Rasuulli ﷺ akkana jedhan *“namni beekaa ykn Raagaa bira deemee waan inni jedhe dhogoomse, waan Nabi Muhammeditti bu’etti kafare”* jedhan.

## Faana (Gaddii) Laalachuu

Faana laallachuu (Xiyara) jechi jedhu afaan Arabii 'Taxayyur' jedhamu irraa fudhatame, kana jechuunis waa ilaallatanii waatu tarii waan gaari ykn waan badaatu na qunnama jedhanii amanuu dha.

* **Murteen isaa:**

Faana ilaallachuun karaa lamaan Tawhiida balleessa:

- Namni faana laallatu Rabbitti hirkachuu dhiisee (waan birootti rarra'a)
- Waan dhugaa hin taanetti (ololaan yookin seyaan) deema

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿أَلَا إِنَّمَا طَائِرُهُمْ عِندَ اللَّهِ وَلَٰكِنَّ أَكْثَرَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ﴾

(الاعراف ١٣١)

*"Dhugumatti gaddii hamaan isaanii Rabbiin bira jira, garuu irra hedduun isaanii hin beekan"* (Al'Araaf 131)

قوله ﷺ: (لا عدوى ولا طيرة ولا هامة ولا صفر) ( متفق عليه )

'Dandeettii Rabbiitiin malee dhibeen ni daddarba jedhanii yaaduun dhoorgamaa dha, jihaa allaattiitiin faana laallachuun dhoorgamaa dha, sagalee allaattii

halkanii dhagayuun waan badatu na mudata jedhanii yaaduun dhoorgamaa dha, jiini ‘safaraa’ falfala qaba jedhanii amanuun dhoorgamaa dha’ Bukhaarii fi Muslimtu gabaase.

Rasuullis ﷺ akkan jedhan:

[ الطيرة شرك ] رواه أبوداود الترمذى

*“Faana laallachuun shirkii dha*” (Abu dawudi fi Tirmizitu gabaase).

∗ ***Haala nama faan/gaddii laallatuu:***
**1[ffaan]**: waan arge kana ilaalee waa dalagaa dhiisuu dhaan gaddii laalachuu kanaaf awwaatuu: kuni irra guddaa faana laallachuu (xiyaraa) jedhama.
**2[ffaan]**: sirriitti waan kanatti osoo hin amanin garuu waa na tuqinnaa waa na miidhinnaa jedhee sodaata. Kunis faana laallachuma jedhama, garuu isa duraa irra laafa dha. Bifni lachuu abbichi sun tawhiidarraa hir’ina akka qabu mul’isurra dabree abbichi waan kanaan akka dararamu taasisa.

∗ **Dawaa/qorsa nama waan kanaan miidhamee**

Namni shakkii akkanaa qabu akkana jechuutu irra jiraata.

(اللهم لا يأتي بالحسنات إلا أنت ◉ولا يدفع السيئات إلا أنت ◉ولا حول ولا قوة إلا بك) (رواه أبوداود)

*'Yaa Rabbi Waan gaarin kan namaa dhufu si malee hin jiru, waan badaa kan namarraa deebisus si malee hin jiru, malaa fi Humnis si malee hin jiru.'* (Abuu Daawudtu odeesse)

Ammas akkana haa jedhu:

((اللهم لا طير إلا طيرك ◉ولا خير إلا خيرك ◉ ولا إله غيرك)) (رواه أحمد وصححه الألباني)

'Yaa Allaah! Wanta gaarii ati heyyamte malee wanti gaariin hin jiru. Allaatti ati uumte malee ta biro hin jirtu (waan ati dhoorgite malee hooddachuun hin jiru). Si malee Gabbaramaan/ Ilaahni birollee hin jiru'

Ergasiis Kana booda wanni irra jiraatu:

- Rakkoo faana laallachuun qabu beekuu/hubachuu
- Nafsee ofii too'achuu/irratti qabsaahuu
- Murtee fi taatee Rabbiitti amanuu
- Rabbitti yaada toluu
- Salaata Istikaaraa/filannaa Fayyadamuu

(Istikaaraa: jechuun Salaata raka'aa lamaa salaatanii waan caalu akka waffaqamu Rabbiin kadhachuu)

∗ ***Daangaa faana laallachuu irraa dhoorgamnee:***

*Rasuulli* ﷺ *akkana jedhan:*

((إنما الطيرة ما أمضاك أو ردك)) (رواه أحمد )

‘Faana laallachuu jechuun wanta itti si deemsisee fi irraa si deebisee dha’ Ahmadtu odeesse.

**Tafaa’ula toluu**: Tafaa’ula toluu jechuun jecha gaarii dhagahanii itti gammaduu jechuu dha.

Fakkeenyaf: namni tokko imala/karaa deemuu barbaadee: Nama “yaa Saalim / yaa nagaa) jechuu yoo dhagahee itti gammade, kuni waan rakkoo qabus miti, hin dhoowwamus.

Ragaan kanaa Rasuulli ﷺ: “Tafaa’ula toluun natti tola” jedhan.

**Garaagarummaa faana laallachuu fi tafaa’ula toluu:**

Faana laallachuun Rabbitti ilaalcha baduu, haqa Rabbii waan birootti garagalchuu, Nafsee ofii (lubbuu ofii) waan uumama ta’e Kan hin fayyanne Kan hin miinetti rarraasuu dha.

Tafaa’ula toluun ammoo Rabbitti ilaalcha toluu, haajaa ofii irraa kan nama hin deebifne jechuu dha.

❋ ۞ ❋

# Tanjiima/ beekkumsa Urjii laaluu

**Hiikkaa:**

Akka lugaa afaan Arabitti beekkumsa urjii barachuu jechuu dha.

Akka shar'aatti ammoo urjitti gargaarsifachuun waan adda addaa barbaaduu (ragaa ittiin godhachuu) jechuu dha.

Beekkumsi urjii bakka lamatti qoodama.

1. Beekkumsa Murtee
2. Beekkumsa Sababaa

**Beekkumsa Murtee:**

Qoodni kunis bakka gurguddaa 3tti qoodama.

1. Urjiileen tun waa uumti (waa argamsiisti wanti badaan akka argamu taasifti) jedhanii amanuu: Kuni Shirkii guddaatti lakkaa'ama.
2. Sababa Ilmii geybii ittiin beekuuf yaaluu: Kuni ammo Kufrii guddaa dha.
3. Urjii sababa keyrii fiduu ykn ammoo sharriin akka argamu taasisa jedhanii amanuu. Kuni ammo Haraama, shirkii xiqqaatti lakkaa'ama.

**Beekkumsa Urjii Sababaa:**

Beekumsi urjii bifa kunis bakka lamatti qoodama.

1. Waa'ee Amantaa/diini irratti waan rarra'uun urjitti gargaarsifachuu: kuni waan barbaachisaa dha.
   Fakkeenyaaf: urjitti gargaarsifachuun Qiblaa salaataa beekuf yaaluu
2. Waa'ee dunyaatif urjitti gargaarsifachuu:

Kana iddoo 2tti qoodnee ilaalla.

1. Kallattii beekuf urjitti fayyadamuu: kuni ni hayyamama.
2. Yeroo/ waqtii (gannaa fi bona) addaan baafachuuf urjitti fayyadamuu: kuni rakkoo akka hin qabnetti Ulaam'in Kan kaayan.

* **Beekkumsa guddaa Uumama Urjiilee keessaa**

Urjiileen waa'ee sadiif uumamte

1. Bareeduma Samiitif
2. Sheyxaana ittiin darbachuu dhaaf
3. Mallattoolee wayitti nama qajeelchan (Kallattii ittiin beekudhaaf).

# Urjiidhaan Rooba Barbaaduu

Afaan Arabiitiin (الإستسقاء بالأنواء) 'Al-Istisqaa'a' jechuun rooba barbaaduu yoo ta'u, 'Al-Anwaa'a' jechuun ammoo qoqqoodama maqaa urjiiti, isaanis digdamii saddeet, walumaa galatti, Urjiidhaan Rooba barbaaduu/ kadhachuu jechuu dha.

Urjiidhaan Rooba barbaadun iddo 3tti qoodama.

1. ***Shirkii guddaa*:**

Kunis bifa lamaan laalama.

A. Urjii akka Rooba kennuuf gaafachuu dha. Fakkeenyaaf "yaa Urjii akkanaa nuu Roobsi" yaa urjii akkanaa nu dhaqqabi jechuu fi kan kana fakkaatan jedhee kadhachuu dha.
B. Osoo urjiin qajeela Roobsuu baattes, Rooba kana urjii kanneenitti hirkisuun akka waan Rabbiin malee urjiin Roobsitee gochuu dha.

2. ***Shirkii xiqqaa:***

Kana jechuun ammoo Urjiin kunneen akka rooba kana Roobsitee sababa taate yaadu dha.

### 3. *Hayyamamaa:*

Urjiilee tanneen sababaa fi kan Rooba isiitu roobsa jechuu osoo hin taane mallattoolee (roobaa) akka taate amanuu dha.

Ragaan urjii dhaan rooba barbaaduu haraama ta'uu

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha"

﴿وَتَجْعَلُونَ رِزْقَكُمْ أَنَّكُمْ تُكَذِّبُونَ﴾ الواقعة ٨٢

*(Galata rizqii (Rooba) keessanii kijibsiisuu gootanii) Al-waaqi'aa 82*

Mujaahid akkana jedha: kana jechuun jecha isaan "urjii akkanaatin kan akkanaatin Rooba arganne jedhan ibsa jedha.

Akkasumas Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

قوله ﷺ : (هل تدرون ماذا قال ربكم ◉) قالوا : الله ورسوله أعلم ◉ قَالَ: ((أَصْبَحَ مِنْ عِبَادِي مُؤْمِنٌ بِي وَكَافِرٌ فَأَمَّا مَنْ قَالَ: مُطِرْنَا بِفَضْلِ اللَّهِ وَرَحْمَتِهِ.فَذَلِكَ مُؤْمِنٌ بِي وَكَافِرٌ بِالْكَوْكَبِ وَأَمَّا مَنْ قَالَ: مُطِرْنَا بِنَوْءِ كَذَا وَكَذَا. فَذَلِكَ كَافِرٌ بِي مُؤْمِنٌ بِالْكَوْكَبِ)) متفق عليه.

*(Waan Rabbiin keessan jedhe beektuu? Rabbii fi Ergamaa isaattu beeka jedhanii deebisan. Ergasii Rasuulli ﷺ akkana jedhan: "Gabroottan kiyya*

*irraa nama natti amanee bariisifate kan kafares jira. Namani Rahmataa fi tolina Rabbiitin Rooba arganne jedhe: Nama natti amanee urjitti kafare, namani Urjii akkanaa tan akkanaatin Rooba arganne jedhe: suni Nama natti kafaree urjiitti amane) (Bukhaarif Muslimtu Gabaase)*

## Na Argii

*** *Hiikkaa:***

Na argii ykn *'Riyaa'a'* jechuun ibaadaa dalagan tokko namni biraa argee haa jajuufi ykn haa faarsuf dalaguu jechuu dha.

*** *Murtee 'na argii':***

- Murteen ykn hukmiin na argii shirkii xiqqaa dha.
- Yoo ammoo dalagaan isaa ibaadan isaa hundi yoo kan na argiif ta'u ta'e kun shirkii guddatti ce'a. Kuni ammo Nama Mu'uminaa tokko irraa kan hin eegamne, haala munaafiqoonni ittiin ibsamanii dha.

*** Rakkoo guddaa na argii**

***1ffaa: Shirkii xiqqaa ta'uu:***

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

("أخوف ما أخاف عليكم الشرك الاصغر" فسئل عنه فقال "الرياء")

(رواه أحمد)

*'Irra guddaan wanti an isinirratti sodaadhuu shirkii xiqqaa dha. Irraa gaafatamee jennaan 'na argii dha'* jedhe.' (Imaam Ahmadtu Odeesse).

***2ffaa: Yoo osoo hin tawbatin du'e Rabbiin hin araaramuufi:***

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

﴿إِنَّ اللَّهَ لَا يَغْفِرُ أَن يُشْرَكَ بِهِ وَيَغْفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَاءُ﴾

(النساء ٤٨)

*"Dhugumatti Rabbiin isatti qindeeffamuu hin araaramu, waan sanii gadii nama fedheef ni araarama*" (An-nisaa'a 48)

Kuni shirkii guddaa fi xiqqallee of jalatti hammata.

***3ffaa: Dalagaa na argiin itti makame nama jalaa balleessa:***

قال عليه الصلاة عليه السلام : قال الله تعالى :**(( أنا أغنى الشركاء عن الشرك من عمل عملا أشرك معى فيه غيرى تركته وشركه))**

(رواه مسلم )

Rasuulli ﷺ akkana jedha; Rabbiin ﷻ akkana jedhe: 'Ani irra dureessa warra walitti qindeeffameeti namni dalagaa takka hojjatee anaa wajji dalagaa san keessatti itti shariikesse isaa fi shirkii isallee gate'

***4ffaa: Qormaata/fitnaa masiih addajjaal caalaa guddaa dha:***

((ألا أخبركم بما هو أخوف عليكم عندى من المسيح الدجال ◉ قالو بلى يارسول الله قال الشرك الخفى يقوم الرجل فيصلى فيزين صلاته لما يرى من نظر الرجل)) (رواه أحمد)

*'Waan masiihiddajjaalirra isinirratti sodaadhu isinii himuu? ee nuu himaa yaa Ergamaa Rabbii jedhaniin: 'shirkii dhokataa, namichi salaatuf dhaabbata, salaata isaa kana ni bareecha: waan namni isa ilaalaa jiruuf jedhee''* (Ahmadtu gabaase)

❉ ۞ ❉

## Yoo Dalagatti (Ibaadatti) Na Argiin Makame

1[ffaa]: ***Dura dursee namni Na haa arguuf Kan ibaadaa dalaguu:***

Kuni shirkii dha. Ibaadan bifa kanaan dalagames jalaa baddi.

2[ffaa]: ***Dura dursee Rabbumaa jecha dalagee ergasii Na argiin itti jalaa makame:***

Kuni bifa lamaan laallama:

1. Lubbuu ofii qabuu, Na argiif jilbiifachuu dhabuu, yeroo yerotti nafsee ofii injifachuutu caala. Kuni dalagaa isaa waa jalaa hin miidhu.
2. Dalagaa ibaadaa isaa na argimaan kan xumuuru, kan lubbuu isaa waliin hin qabsoofne. Kuni murteen isaa kan
   A. Yoo xumuurri isaa dursa isarratti hin hundoofne ta'e, Kan dura Rabbii jecha dalage fudhatama argatee kan na argiin itti makame ammoo fudhatama hin argatu.

   Fakkeenyaf: namni tokko qarshii dhibba tokko sadaqatee kana booda namni biroo kan birrii dhibba tokko sadaqatu argee ammas qarshii dhibba tokko itti dabale. Kuni dhibbi tokko duraa fudhatama argate jechuu yoo ta'u, dhibbi

lammataa ammoo Rabbii biratti fudhtama hin qabu jechuu dha.

B. Yoo kan dhumni isaa dursa irratti hundaa'e. Yemmuu kana eegaa dalagaan hunduu jalaa baddi jechuu dha.

Fakkeenyaf: namni tokko salaata raka'aa lamaa salaatuu barbaade. Yemmuu raka'aa lamatarra gaye na argiin itti dhufe, ofirraa deebisuu dadhabe, kuni eegaa rakaa'aan lachuu jalaa baadde.

**3ffa:** ***Erga dalagaa (ibaadaa) geessee Kan itti dhufe, itti dhagahame.***

Kun waa takka ibaadarratti miidhaa hin fidu.

* Namni tokko ibaadaa dalagee kana booda namni isa dinqisiifatee, isa faarsee, isa jaje, innis kana dhagahee itti tolee, gammade. Kana keessa rakkoon hin jiiru, Kun eegaa gammachuu Rabbi Mu'umintootaf ariifachiise Jenna.
* *Sababa Na argiiti jecha dalagaa dhiisun akkamitti ilallama?* Dalagaa takka sababa Na argiiti jecha dhiisunuu ofii isaatifuu na argii ta'a.

* ***Garaagarummaa 'na argii' fi 'na dhagahii'***

***Na argii*** jechuun waan miira ijatitti rarra'u tahee dalagaa takka namni nahaa argu jedhee dalaguu dha.

***Na dhagahii*** miiraa gurraa dhageettin kan wal-qabatu tayee jechuunis namni tokko ibaadaa na haa dhagahanii na haa faarsan jedhee dalaguu dha.


* ***Qorsa/dawaa na argii***

1. Sadarkaa dalagaa takka Rabbii jecha qulqulleesanii dalaguun qabu yaadachuu.
2. Na argiin dalagaa ofii nama jalaa balleessuu yaadachuu
3. Guyyaa Qiyaamaa (Aakhiraa) yaadachuu
4. Namni namas miidhuu ykn fayyaduu akka hin dandeenne qayyabachuu
5. Du'aa'ii kadhachuu, sanirraa:

(اللهم إنى أعوذ بك أن أشرك بك شيا وانا أعلم, واستغفرك لما لا أعلم)

*'Yaa Rabbi Osoo beeku sitti shirkii taasisurraa sitti maganfadha, waan hin beynerraa araarama si gaafadha.'*

*Yemmuu Dalagaa Ibaadaatti Na argiin makame:*



## Dalagaa Ibaadatti
### Faayidaa Duniyaa Barbaaduu

Kana jechuun yemmuu ibaadaa takka dalagu niyyaa (fedhii) isaa faayidaa dunyaatin wal-qabsiisuu dhan dalaguu dha.

* ***Fakkeenyaf:***

1. Hajjii yemmuu deemuf niyyaan isaa duniyaa dha.
2. Lola (jihaada) deemuu fedhiin isaa boojuu argachuu dha.
3. Masjida tokkotti azaanuf mindaa argachuu dha.
4. Beekumsa shari'aa yemmuu baratu , Ragaa barnoota ykn dalagaa ittiin argachuu qofa

* ***Muteen isaa:***

Murtee isaa bakka 2tti qoodnee ilaaluu ni dandeennya:

1. Kan fedhiin isaa irra hedduun ykn hunduu fedhii dunyaatif tahe. Kuni murteen isaa shirkii guddaa dha.
2. Dalagaa ta'e tokko dalagee faayidaa dunyaa barbaaduunii.Kuni eegaa shirkii xiqqaa ta'ee ibaadaa namaa nam jalaa balleessa.

Faayidaa dunyaatif jecha nama ibaadaa dalagu ilaalchisee Rabbiin akkana jedha:

﴿مَن كَانَ يُرِيدُ الْحَيَاةَ الدُّنْيَا وَزِينَتَهَا نُوَفِّ إِلَيْهِمْ أَعْمَالَهُمْ فِيهَا وَهُمْ فِيهَا لَا يُبْخَسُونَ ﴿١٥﴾ أُولَٰئِكَ الَّذِينَ لَيْسَ لَهُمْ فِي الْآخِرَةِ إِلَّا النَّارُ ۖ وَحَبِطَ مَا صَنَعُوا فِيهَا وَبَاطِلٌ مَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٦﴾﴾ (هود ١٥-١٦)

*"Namni jireenya addunyaati fi miidhagina ishee fedhe, nuti dalagaa isaanii ishee keessatti guunnee isaanif kennina. Isaanis ishee keessatti hin hir'ifamanu. Isaan sun warra Aakiratti ibidda malee homtuu isaanif hin jirree dha. Wanti isaan isii keessatti dalaganis ni bade, wanti isaan dalagaa turanis badaa dha.*" (Suuratu Huud- 15-16)

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((من تعلم علما مما يبتغى به وجه الله لا يتعلمه إلا ليصيب به غرضا من الدنيا لم يجد عرف الجنة)) يعنى ريحها. (رواه أحمد وأبو داود)

*"Namni beekumsa baratee beekumsa kanaan faayidaa dunyaa barbaade, Hafuura jannataatu hin argatu.*" (Ahmadii fi Abuu Daawuudtu Gabaase)

❋ ◈ ❋

## Allaahiin Malee Kakachuu

Rabbi malee kakachuu jechuun qubeelee kakuutin fayyadamuun waan san guddisuu agarsiisuu jechuu dha. Akka lugaa arabitti qubeelee kakuu kan jedhaman waawu (و) baa (ب) taa (ت) dha.

Akka Afaan Arabiititti 'Al-Halif' yookin kakuun 'yamiin' yookin 'qasama's jedhamuunis ni beekama.

***Kakuu shari'atti hayyamame:***

Jechoota armaan gadiitin kakachuun Ni hayyamama *wallaah, billaah, tallaah*. Ykn maqoota isarraa ta'een fakkenyaf (*Ar-rahmaan, Al-Aziim, As-samii'i)*

Ykn sifa isaatin (fakkeenyaf: Bi'izzatillaah-jabeenya isaatin, Rahmatillaah _Rahmata isaatin, Wa Ilmillaah-Beekumsa Rabbiitin) jechuunis rakkoo hin qabu.

***Murtee Rabbi maleen kakachuu:***

Iddo lamatti qoodnee ilalla:

1. Waan itti kakatu kanatti guddina isaa yoo fedhe ykn akkuma Rabbiin guddisutti yoo guddise ykn Sanaa oluu yoo Kan guddisu/kabaju taate: kuni shirkii guddaa ta'a.
2. Yoo akka Rabbiin guddisutti hin guddisin: kuni shirkii xiqqaa ta'a.

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((من حلف بغير الله فقد كفر أو أشرك)) (رواه أحمد وابو داود والترمذى )

*'Namni Rabbiin malee namni kakate, kafare ykn Shirkii taasise'* (Ahmed, Abu Dawud fi Tirmizitu gabaase)

Fakkeenya Rabbi Malee kakachuu haa ilaallu.

- Awliyaan Kakachuu
- Kabajaa Nabii ykn Awliyaatin kakachuu
- Jiruu namootaatiin kakachuu
- Amaanan yookin kabajaan kakachuu

Walumaa galatti qabxii armaan gadii xiyyeefannaa kennuun barbaachisaa dha.

1. Rabbi malee kakachuun shirkii ta'uu
2. Kijibaan Rabbiin kakachuun Haraama ta'uu
3. Yoo barbaachisaa hin ta'in Rabbiin kakachuu baayisuun (osoo dhugas ta'ee) haraama ta'uu.
4. Yoo dubbin dhugaa kan taatu taate fi haajaan itti jiraate Rabbiin kakachuun hayyamamuu.

***Namni Rabbi Malee kakate maal gochuutu irra jira?***

Namni Rabbiin malee kakate akkana jechuutu irra jira: 'Laa ilaaha illallaah'

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((من حلف فقال فى حلفه وللات ◉ والعزى ◉ فليقل : لا إله إلا الله))

(متفق عليه )

*'Namni kakate kakuu isaa keessatti: laatin kakadhe, uzzaan kakadhe jedhe; laa ilaaha illallaah haa jedhu'*. (Bukhaarif Muslimtu odeesse)

## Rabbii fi waan biroo “Fi” n Wal-Qabsiisuu

Kana jechuun jecha “*Eegaa”* “*Ergasii*” jedhu Rabbiin wal-qabsiisuu jechuu dha.

***Fakkeenyaf :***

- Waan sii **fi** Rabbi fedhe jechuu
- Sii **fi** Rabbiin kajeela jechuu
- Rabbii **fi** sitti gargaasifadha jechuu
- Sii **fi** Rabbiin malee maal qaba jechuu
- Osoo Rabbii **fi** “ebalu” jiraatuu baatee naa dhumate jechuu kanaa fi waan kanneen fakkaatan dha.

* ***Murtee :***

Murtee isaa iddo lamatti qoodnee ilaalla:

1. Yemmuu akkana jedhu yoo wanti sunii fi Rabbi Wal qixa jedhee yaade: shirkii guddaa ta’a. Osoo *eegasii (ergasii*) jedhes.
2. Yoo wal qixa jedhee yaaduu dhabe: kuni shirkii xiqqaa ta’a.

*Yoo jecha akkanaa jechuun namarra jiraate: akkaataa lamaan jechuun ni danda'ama:*

A) Jecha ergasii jedhuun hordofsiisuu. Kunis wal-qixxummaan yaaduu dhabuun ta'uu qaba.

Fakkeenyaf: *waan Rabbi Fedhe ergasii ati, Rabbitti gargaarsifadhe ergasii sitti gargaarsifadhe*. Jechuu barbaachisa.

B) Waan hundaa Rabbitti hirkisuu

Akkana jechuun barbaachisa: *Waan Rabbi Kophaa fedhe, Rabbi Qofatti gargaasifadhe*, kana kana fakkaatan kunniin gaari dha.

***Garaagarummaa 'Fi' fi 'Ergasii':***

- 'Fi' dabaluun wal-qixxeessuu fi wal-gituu ibsa.
- 'Ergasii' dabaluun itti fufiinsa ibsa.

## Jecha "Osoo"

Jecha ***'osoo'*** jedhu karaa sadihiin fayyadamna:

***1. Hayyamamaa:***

Jechi 'osoo' jettu yoo karaa namaa waa himuutin tayee, fakkeenyaf: '*osoo barumsa deemee fayyadamee'* Osoo jedhee rakkoo hin qabu.

Ragaan kana irratti Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((لو استقبلت من أمرى ما استدبرت ما سقت الهدى ولأحللت معكم)) (متفق عليه)

(Amrii kiyyarraa waan booda hubadhe kana osoo duraan beekee silaa wareega oofee hin fiduu ture, silaa isinii wajji hiikkadhee ture) Bukhaarii fi Muslimtu odeesse.

***2. Waan jaalatamu:***

Jechi "***osoo***" jedhu yoo keyrii hawwuuf ta'e Fakkeenyaf: osoo qabeenya qabaadhee sadaqadhe jechuu fa'a. Rasuulli ﷺ seenaa namoota afurii keessatti tokko akkana jedhe: '*osoo qabeenya akka ebaluu qabaadhee, akka ebalu (kherii) dalagetti dalaga*.'Kana jechuun kherii hawwuu mul'isa.

Rasuullis ﷺ akkana jedhan: *'kuni niyyaa isaatiini, mindaan jara lameenii wal-qixa'*. (Ahmadii fi Tirmiizitu gabaase)

***3. Dhoorkamaa:***

Yoo haala sadihiin ta'e dhoorkamaa dha.

***1. Yoo Shari'aan wal-diige:***

Ragaan kanaa Jecha Rabbii ol-ta'aa:

(لَوۡ أَطَاعُونَا مَا قُتِلُواْۗ) (آل عمران ١٦٨)

*"Osoo tole nu jedhanii silaa hin ajjeefaman"* (Al-Imran 168)

***2. Yoo Qadaraan (murtee Rabbii) wal-faallesse:***

Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha:

(لَّوۡ كَانُواْ عِندَنَا مَا مَاتُواْ وَمَا قُتِلُواْ) (ال عمران ١٥٦)

*"Osoo nu waliin jiraatanii hin du'anis hin ajjeefamanis"* (Al-Imran 156)

***3. Yoo Sharrii/waan badaa tokko Hawwuun ta'e:***

Ragaan kanaa seenaa namoota afurii Kan osoo qabeenya qabaadhee akka ebaluutin itti dalaga Kan jedhe. Kuni sharrii hawwee; Rasuulli ﷺ jarri lachuu diliin/ ma'asiyaan tokkoma (wal-qixa) jedhan.

## Zamana (Waqtii) Arrabsuu

Kana jechuun yeroo (waqtii) keessa jiran arrabsuu, gurraachessuu, fokkisuu jechuu dha.

∗ ***Murtee nama zamana/ waqtii arrabsuu:***

Murteen isaa bakka sadihitti qoodama.

1. ***Yoo kan waa himuuf taate ajiifachuun maletti:***

Fakkeenyaf: '*Hoo'i har'aa Nama dadhabsiisa'*

Akka jecha ummata nabi Luuxii (aleeyhi ssalaam)

'Kuni guyyaa cinqaati'
Kuni waa rakkoo qabuu miti.

2. ***Kan akkana dalage yeroma kana jedhanii arrabsuu:***

Yoo zamanni / *waqtiin* mataa isaatin keyrii sharritti jijjiira jennee kan yaadnu yoo taye kuni shirkii guddaa ta'a.

3. ***Waan hundaa Rabbi qofaatu dalaga jedhanii amanuu waliin Waan fokkotaa kanaaf kan sababa tahe zamana jedhanii yaaduu:***

Kuni haraama, dilii gurguddoo irraayi.

* ***Zamana/ waqtii arrabsuun Rabbiin azaa gochuu dha:***

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((قال الله تعالى: يؤذيني ابن أدم يسب الدهر وانا الدهر ۞ أقلب اليل والنهار)) (متفق عليه)

*(Rabbiin ol-tahe akkana jedha: Ilmi Aadam azaa Na godhe, zamana arrabasa, osoo ani zamana tahuu, halkanii fi guyyaa Kan garagalchu ana*) (Bukhaari fi Muslimtu Gabaase)

Hiikni jecha *Anatu zamana/ waqtii jechuu*: anaatu zamana/ *waqtii* garagalcha jechuu dha.

Hubachiisa: Zamanni / ***waqtii*** afaan Arabiitin **"الدهر"** (Addahr) Kan jedhamu maqaa Rabbiii irraayii miti.

❋ ۞ ❋

## Hundeelee Lamaan Jecha Keessatti Eeggachuu Qabnu

1ffaa: **Arraba ofii eegun dirqama tahuu:** Kan akka hamaa, addaan Nama kutuu, kijibaa irraa of eeguun dirqama namarratti taha.

Kana malees Rabbi Malee kakachurraa of eegun baay'ee barbaachisaa dha. Rabbiin waan kanarraa waan Nama gaafatuuf jecha:

﴿مَّا يَلْفِظُ مِن قَوْلٍ إِلَّا لَدَيْهِ رَقِيبٌ عَتِيدٌ﴾(ق:١٨)

*"Tiksaan itti dhihaatan isa bira jiraatu malee jecha tokkoyyuu hin dubbatan"* (Suuratu Qaaf: 18)

Tarii jecha takka qofaan amantii Islaamumarraa bahuun waan jiraatuf, jecha ofii fi arraba ofii sirritti eegun barbaachisaa dha.

2ffaa: **Jechoota shirkii of keessatti hammataman irraa of fageessuu**:

Jechoota kanneen fayyadamuun hin tahu. Yoo fayyadamne shirkii keessa buuna ykn balbala shirkii keessa seenna sila ta'eef.

# Bid'aa

∗ ***Hiikkaa:***

*Bid'aa* jechuun waan haaraa diinii Islaamummaa keessatti ragaa tokko malee uumu dha.

∗ ***Qoqqoodama Bid'aa:***

1. *Bid'aa Aadaa (jiruu) keessaa:*

Jiruuf jireenya keessatti wantoota haaraa uumuun waan dhoorkaa qabuu miti.

2. *Bid'aa Amantii keessaa:*

Kuni haraama dhoorgamaa dha. Hundeen waan hin qabneef.

***Amantii keessatti waan haaraa uumuun bakka 3tti qoodama:***

1. ***Bid'aa yaadaa:***

Kana jechuun faallaa waan Rabbi nuu himeefi Rasuulli nuu dhaame yaadu dha.

Fakkeenyaf: Qadara hin jiru jedhee yaaduu, ykn sifa Rabbii balleessuu ykn fakkeessuu faa dha.

2. ***Bid'aa dalagaanii:***

Kana jechuun ammoo waan Rabbi karaa taasise maleen Rabbi gabbaruu dha.

A. Ibaadaa keessatti waan hin jirre fiduu
B. Ibaadaa keessatti dabaluu ykn hir'isuu
C. Ibaadaa hayyamame keessatti karaa haaraan hojechuu
D. Yemmuu Ibaadaa dalagan yeroo shari'aan hin beekkamne keessatti dalaguu: fakkeenyaf qabrii irratti ijaaruu, ayyaana Islaamummaa keessa hin jirre kabajuu.

***3. Bid'aa dhiisuu (dhiisinsaa):***

Kana jechuun Rabbiin ittiin gabbara jedhanii waan halaala ta'e tokko dhiisuu jechuu dha. Fakkenyaf: bifa Ibaadaatiin yaadee foon nyaachuu dhabuu, fuudhuu ykn heerumuu dhabuu.

***Qoqqoodama Bid'aa Gama murteetiin:***

Gama hukmii ykn murteetin bid'aa bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya.

***A. Bid'aa nama kafarsiiftu:***

Bifni bid'aa kun Islaamummaa keessaa nama baafti. Fakkenyaf: bid'aa diddaa, Qur'aanni uumamaa jechuu.

### B. Bid'aa Faasiqa (didaa) nama taasisu:

Bifni tun ammoo abbicha Islaamummaa keessaa hin baaftu. Garuu akka nama ma'asiyaa/dilii dalagetti qixaatama. Fakkenyaf zikrii nam-baay'en bakka tokkotti/ jama'aadhaan jechuu, halkan cinaa sha'abaana ibaadan adda baasuu kanatti lakkaa'ama.

*** *Bida'arraa Eeruu fi irratti diduu:***

Kana keessatti jechi Rabbii ol'aanaa fi hadiisonni lamaan gahaa dha.

﴿ٱلۡيَوۡمَ أَكۡمَلۡتُ لَكُمۡ دِينَكُمۡ وَأَتۡمَمۡتُ عَلَيۡكُمۡ نِعۡمَتِي وَرَضِيتُ لَكُمُ ٱلۡإِسۡلَٰمَ دِينٗاۚ﴾ [المائدة ٣]

*"Amantii keessan Har'a isiniif guuteera, Amantiis Islaama isinii jaaaladheera"* (Al-maa'ida 3)

Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((من أحدث فى أمرنا ماليس منه فهو رد)) (متفق عليه)

وفى رواية لمسلم: ((من عمل عملا ليس عليه أمرنا فهو رد)).

*(Namni diinii/amantii Islaamaa keenya keessatti waan (Diinii irraa) hin tahin uume, irratti deebifamaa dha) Gabaasa Muslimii tahe keessattis (Namni dalagaa ajajani keenna keessa hin jirre dalage, irratti ni deebifama (irraa hin fuudhamu).*

Karaa biraatin ammas Rasuulli ﷺ akkana jedhan:

((وشر الأمور محدثاتها {وكل محدثة بدعة} وكل بدعة ضلالة, {وكل ضلالة في النار} )) (رواه لمسلم, والزيادتان بين معكوفين للنسائي)

*(Badiin (sharriin) wantootaa waan haaraa dhufan, cufti waan haaraa uumameetuu bid'aa dha. Bid'aan hundi ammoo jallina, jallinni hundi ammoo ibidda keessatti*" jedhan.

***Bid'aa gaari fi jibbamatti qooduun Ni jiraa?***

Namoonni gariin bid'aa gaari fi jibbamaa jedhanii yemmuu adda qoodan Ni mul'atu. Kuni dogongora ta'uu irra dabree jecha Rasuulaa ﷺ Kan "*hundi bid'aa jallinna*" jedhan diiguu/ faallessuu dha. Kuni ammo lakki jecha Kun sirrii mitii bid'aan hundi jallina osoo hin taane bid'aan gaaris Ni jiraa jedhaa jira. Kuni ammo jecha Rasuulaa ﷺ faallessuu dha.

* ***Sababaawwan akka bid'aan argamu godhan:***

1. Murtee Diinii (amantii Islaamaa) beekuu dhabuu
2. Fedhii ofii jala masakamuu
3. Yaada Nama jaalatanii jala deemuu
4. Kaafiratti fakkaachuf yaaluu
5. Hadiisa hundeen isaanii hin beekkamnetti yookin sirrii hin taanetti ragaa godhachuu

6. Aadaa duubatti hafaa Kan shari'aa amantiin waliitti bu'u akkasuma sammuun namaa hin mirkanneesin jala deemuu fi Kan kana fakkaatan dha.

* ***Hundeelee lamaan baay'ee barbaachisaa tahan kan bid'aa ittiin beekuu dandeenyuu fi irratti deebisnuun:***

1. Hundeen Ibaadaa keessatti dhoorkamuu, irraa of eeguun dhaabbachuu dha. Haa ta'u malee, yoo ragaa Gama shari'aatin karaa godhamee dhufee qabaanne malee.
2. Dalagaan Ibaadaa hunduu kan Rasuulli ﷺ ykn Sahaabonni isaanii hin dalagne fudhatama akka hin qabne beekuu.

***Hubachiisa:***

1[ffaa]: Imaam Maalik (Rabbi Rahmata isaanii haa godhuu) akkana jedhan: *(namni Islaama keessatti waan haaraa (Bid'aa) uumee bid'aan tun gaari dha jedhe,* Rasuulli ﷺ *ergaa isaa gane ykn hin guunne jechuu isaati; Rabbiin Qur'aana isaa keessatti akkana jedha.*

(ٱلۡيَوۡمَ أَكۡمَلۡتُ لَكُمۡ دِينَكُمۡ)

*"Har'a Amantii keessan isinii guute"*
*Kan guyyaa san akka amantiitti hin fudhatamin har'a amantii ta'uu hin dandayu).*

2ffaa: Asheeykul Albaaninis (Rabbi Rahmata isaanii haa godhuu) akkana jedhu:

*Wanti haarofti (Bid'aan) xiqqoon islaamummaa keessatti uumamu haraama ta'uu beekun barbaachisaa dha. Akka namni gariin yaadu bid' jibbamaa qofaa miti.*

∗ ***Bid'aa Ummata keessa facaate keessaa:***

1. Dhaloota Rasuulaa ﷺ kabajuu
2. Halkan Israa'aa fi Mi'iraajaa kabajuu
3. Cinaa halkan ji'a sha'abaanaa kabajuu
4. Guyyaa Dhalootaa kabajuu
5. Iddoolee seenaa gara garaa fi hambaaleen akkasumas Nama jiru ta'ee kan du'e irraa barakaa barbaaduu
6. Gareen (jama'aan)zikrii godhuu
7. Faatihaa nama du'ee fi qophii adda addaa irratti qara'uu (dubbisuu)
8. Ji'a Rajab ibaadaa fi Umraan kophxeessuu (adda gochuu)
9. Salaata yeroo jalqaban niyyaa ol-fuudhanii sagaleen jechuu
10. Sadarkaa namoota gariitin tawassula tahuu

***Kitaabota waa'ee bid'aa hubachuuf nu gargaaran:***

1. 'Attahziiru minal-bida'i' Sheek AbdulAziiz bin baaz Rahimahullaah

1. ‘Assunanu wal-mubtadi’aat’ Sheek Abdussalaam Al-Qusheeyriyy
2. ‘Al-bida’i wal-muhdasaatu wamaa laa asla lahuu’ Hamuud Al maxar
3. ‘Al-ibdaa’u fii madaarul ibtidaa’ Sheek Alii Mahfuuz
4. ‘Al-bidaul hawliyyah’ Sheek Abdallaah Attuweejrii

Rasuula ﷺ hordofuun ulaagaa 6 (jaha) n malee guutamuu hin danda’u:

| lakk | Ulaagaa | Fakkeenya dogongora mul’atu |
|---|---|---|
| 1 | Sababa | Sababa Roobni roobutiin raka’aa lama salaatuu |
| 2 | Bifa | Kan nama akka zakaa qarshii dhaan baasuu |
| 3 | Hordoffii | Kan akka salaata magribaa beekaa raka’aa 4 salaatuu |
| 4 | Akkaataa | Nama akka wuduu’a luka dhiqachuun jalqabee fuula dhiqachuun geesse |
| 5 | Waqtii | Akka nama ji’a Ramadaana keessa udhiyyaa qaluu |
| 6 | Iddoo | Akka nama bosona/badhee gammoojjii keessatti I’itikaafa taa’uu |

## Gara Tawhidaatti Yaamuu

Gama Rabbiititti waamuun waan guddaa tokko, sadarkaan isaa cimaa dha, akkasumas karaa Ergamtoota Rabbiiti fi saalihootaa fi Awliyaati.

﴿ٱدۡعُ إِلَىٰ سَبِيلِ رَبِّكَ بِٱلۡحِكۡمَةِ وَٱلۡمَوۡعِظَةِ ٱلۡحَسَنَةِۖ وَجَٰدِلۡهُم بِٱلَّتِي هِيَ أَحۡسَنُۚ﴾ (النحل ١٢٥)

*'Gara Gooftaa keetii ogummaa fi gorsa bareedan waami, ishee (Falmii) irra gaarii taaten isaan falmi'* (An-nahl 125)

Ammas akkana jedha:

﴿قُلۡ هَٰذِهِۦ سَبِيلِيٓ أَدۡعُوٓاْ إِلَى ٱللَّهِۚ عَلَىٰ بَصِيرَةٍ أَنَا۠ وَمَنِ ٱتَّبَعَنِيۖ﴾

(يوسف ١٠٨)

*'Kun karaa kiyya, beekumsa irratti Gama Rabbii itti yaamu anaa fi Nama Na hordofes'* (Yusuf 108)

Rasuullis ﷺ akkana jedhan:

((فو الله لأن يهدى الله بك رجلا واحدا خير لك من حمر النعم))

(متفق عليه)

*Nama tokko sababa keetin qajeelutu, gaala didiimturra sii caala*.(Bukhaari fi Muslimtu Gabaase)

((فمن دعا إلى هدى كان له من الأجر مثل أجور من تبعه ◉لا ينقص من أجورهم شيئاً)) (رواه مسلم )

*Namni gama qajeellumaa waame, akkuma mindaa namni isa hordofu argatu argata, mindaa jara lachuutuu irraa waa osoo hin hir'itin.* (Muslimtu Gabaase)

* ***Tawhiidni waan dursaa itti waamuu qaban***

Wanti dura qirqama ta'u tawhiida beekuu, itti dalaguu, akkasumas gama isaa waamicha taasisuu dha.

Ragaan gama kanaan Rasuulli ﷺ Mu'aazin gama biyya Yaman yemmuu ergan "*dura dursitee wanti itti waamtu, kan gabbaramu Rabbii tokkicha malee hin jiru" ykn ammo gabaasa birootin "Rabbiin akka tokkochoomsan" waamuu qabda.* Jedhaniin

* ***Karaa gama tawhiidaa ittiin waaman keessaa:***

Kan armaan gadii karaa gama tawhiidaa ittiin waaman keessa hanga tokko kan namatti hin ulfaanne dha.

1. Kitaabota gama tawhiidaa yaaman maxxansuu

2. Warra abbaa qabeenyaa tokko tokko dubbisuun akka maxxansaa kitaaba tawhidaatif gargaarsa akka godhan taasisuu
3. Kaassetoota gama tawhiidaa yaaman maxxansiiisuu
4. Ulamaa'ota waliin wal tahuudhaan gorsa adda addaa akka kennan taasisuu
5. Ijoollee fi warra ofii hundee tawhiidaa barsiisuu.

## Kitaabota ‘Tawhiidaa Fi Aqiidaa’ irratti Barreeffaman

Yaa Obboleessa kiyya Kan Muslimaa! Kitaabota armaan gadii muraasa waayee Tawhiidaa fi Aqiidaa irratti barreefaman (Afaan Oromootti hiikaman) akka dubbistuu fi irraa qayyabattu si affeera.

Kunis hubannaa ati Diinii/Amantii Islaamaa keetirraa qabdu akka cimsattuu fi akka beekumsa siif dabalu akkasuma karaa milkii akka beeytuf jecha.

Beeki Yaa Obboleessa kiyya kabajamaa! Barnoonni Tawhiidaa fi Aqiidaa irra guddaa qoqqoodama Fiqhii diiniiti, Ulamaa’onni gariin Fiqhii iddoo lamatti qoodaniiru;

1- **Fiqhii Guddaa**: yoo jennu waayee Tawhiidaa fi Aqiidaa of jalatti hammata.
2- **Fiqhii Xiqqaa**: yoo jennu waayee fiqhii Murteelee, Ibaadaa fi ‘Mu’aamalaata’ of jalatti hammata.

*Maqaaleen Kitaabotaa kanneen Afaan Oromootti hiikamanii:*

1- Hundeelee Sadeenii fi Ragaalee isii - Sheek Muhammad bin Suleeymaan At-Tamiimii (الأصول الثلاثة وأدلتها)

2- Hundeewwan Afran –Sheekh Muhammad bin Abdulwahhaab (القواعد الأربع)
3- Aqiidaa Ahlussunnaa Waljamaa’aa –Sheekh Muhammad bin Saalih Al-Useeymiin (عقيدة أهل السنة والجماعة)
4- Aqiidaa Sirraawaa fi Faallaasaa –Sheekh AbdulAziiz bin Abdallaah bin Baaz (العقيدة الصحيحة وما يضادها )
5- Aqiidaa tee Qabadhu Qur’aana fi Hadiisa Sahiiharraa –Muhammad bin Jamiil Zeeynuu (خذ عقيدتك من الكتاب والسنة الصحيحة )
6- Aqiidatul-Waasixiyyaa –Sheeykhul Islaam Ahmad ibnu Abdulhaliim ibnu Abdussalaam ibnu Teeymiyyaa (العقيدة الواسطية)
7- Qur’aana Qulqulluu irraa Tafsiira Juz’iiwwan sadan boodaa-Itti Aanee hukmiiwwan Muslima hunda ilaallatantu ibsama.

- Akkasumas Kitaabotaa fi Fataawaa Ulamaa'ota gurguddoo armaan gadii kenneen dubbisi;
    1- Sheeykhul Islaam ibnu Teeymiyyaa
    2- Baratаa isaa Imaam ibnul-Qayyim
    3- Sheeykhul Islaam Muhammad bin Abdulwahhaab
    4- Sheikh AbdulAziiz bin Abdallaah bin Baaz
    5- Sheekh Muhammad bin Saalih Al-Useeymiin
    6- Sheekh Abdallaah Al-Jabriin
    7- Sheikh Saalih Al-Fowzaan

Akkasuma Ulamaa'ota Islaamaa Tawhiida sirriitin beekkaman Kanneen birollee.

## Xumura

Dhuma Ergaa tanaa irratti Galannii fi Faaruun Rabbii ol-tahe Allaahiif haa ta’u, isaa ergaa kana gargaarsa isaatiin bifa Kanaan akka qopheessu naaf laaffise Galata galchuun gara isaa deebi’a.

Ergaan tuni yookin Kitaaba kanaan maalummaa Tawhiidaa ibse, murtee gaafilee Gama kanaan ka’uu danda’u dhihotti dhiheesse jedhee yaada.

Namoota hundaa Kan ergaan tun haa wal-geettuu asiif achi kaate, Kan ergaa tana akka maxxanfamtu taasise Mindaa fi sawaaba isaanii guddisee akka kennuuf Allaahin kadhadhaaf.

Ergamaa Isaa Muhammadii fi warra isaatittis hunda Sahaabotaa irratti Nagaa fi Rahmanni Allaah haa bu'u!

Abdullaah bin Ahmad Al-huwayl
*Namoonni Gara Afaan Oromootti Hiikan:*
1- Abdurrazzaaq Sheekh Manzaa
2- Abdulmannaan Sheek Manzaa
+966538769724/+251910381073

تم بحمد الله